




AFAAN OROMOO
KITAABA BARATTOOTAA

AFAAN OROMOO
KITAABA BARATTOOTAA



Gatii.

KUTAA 6

AFAAN OROMOO KUTAA 6



Kitaaba Kana Haala Gaariin Qabachuun itti Fayyadami !!



Kitaabni kun qabeenya keefi kan mana barnootaa keetii waan ta'eef, akka hinbanne yookiin hinciccinne haala gaariin qabadhu. Kana gochuuf immoo, qabxiilee armaan gadii hojjiirra oolchi:

1. Kitaabicha wantoota akka laastikii, gaazexaafi waraqaalee adda addaan gama-li/haguugi.
2. Yeroo hundaa kitaabicha bakka qulqulluufi gogaa kaa'i.
3. Yeroo kitaaba qabattu harka jiidhaafi xuraawaan hintuqin.
4. Kitaabicha irratti hinbarreessin.
5. Kitaabicha keessa dabbara yookaan kitaaba biroo hinkaa'iin.
6. Fuula kitaabichaa kamiyyuu keessaa kuttee hinbaasin.
7. Fuula cite yookaan tarsa'e kamiyyuu happeessuun suphi.
8. Kitaabicha yeroo boorsaa (kaalixa) kee keessa kaawwattu of eeggannoon iddoo qabsiisi.
9. Kitaabicha yeroo namatti laattus ta'u yeroo keessu hindarbatiin.
10. Yeroo fuula kitaabaa garagalchitu roga isaa qabachuun garagalchi. Kun immoo, kunuunsa qola kitaabichaaf fayyada.

Afaan Oromoo

Kitaaba Barattootaa

Kutaa 6

Barreessitoota

Buzaayyoo Isheetee

Gosaa Buraayyuu

Tsahaay Baay'isaa

Gulaaltota

Abaadir Abiraahim

Abdulqaadir Amaan

Taaddasaa Deettii

Madaaltota

Abdiisaa Gannatii

Dastaa Taaddagaa

Waaqumaa Waamii

Yaneenash Saamu'eel

Seecca'aa

Abdulqaadir Amaan

Ogeessa Giraafiksii

Taaddasaa Dinquu

Ogeessa Fakkibsa

Buzaayyoo Girmaa



© Biuroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa ja'a kun walta'iinsa Biuroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaatiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biuroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaan is ta'e gamisaan maxxansiisuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

BAAFATA

MATADUREE	FUULA
BOQONNAA 1: UFFATA AADAA	1
Uffata Aadaa Oromoo Walloo	4
BOQONNAA 2: ATILEETOTA BEBBEEKAMOO	14
Atileet Xurunash Dibaabaa	15
Atileet Waamii Birraatuu	17
BOQONNAA 3: AFWALALOO	26
Geerarsa.....	26
Mirrisa.....	28
BOQONNAA 4: QONNA AMMAYYAA	36
Qonna Magaalaa	37
Sanyii Filatamaa	39
BOQONNAA 5. TURIIZIMII OROMIYAA	48
Irreecha.....	49
Hawwata Turiizimii Oromiyaa.....	51
BOQONNAA 6: ARAADAIFI MIIDHAA ISAA	60
Miidhaa Araada Tamboo Xuuxuu	61
Araada Miidiyaa Hawaasaafi Miidhaa Isaa	63
BOQONNAA 7: HAASAA JIBBIINSAA	70
Jibbiinsa Sanyummaa.....	71
Haasaa Jibbiinsaa	73
BOQONNAA 8: HIV/AIDS	79
Miidhaa Weerara Vaayirasii Koronaa	80
Miidhaa HIV/Eedsii.....	82
BOQONNAA 9: BARMAATILEE HAWAASAA	90
Buusaa-Gonofaa	91
Dhaqna Qabaa Shamarranii.....	92
BOQONNAA 10: DUBARTOOTA GAHOOMSUU	98
Dubartoota Barsiisuu	98
Piroofeeser Kuwee Kumsaa	101

BOQONNAA 1

UFFATA AADAA

Boqonnaa 'Uffata Aadaa' jedhu kana jalatti dubbisa mata dureen isaa 'Uffata Aadaa Shamarran Uffatan' jedhu dhaggeeffachuufi dubbisa mata dureen isaa uffata 'Aadaa Oromoo Walloo' jedhu immoo, dubbisuuf deemta. Kana malees, barannoowwan adda addaa mata dureewwan kanneen bu'uura godhachuun qophaa'an kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaafi Afoola nibaratta. Kanaafuu, xiyyeeffannoon hojjachuun sirraa eegama.

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun ergaa isaa ni'ibsita;
- yaada callaafi dimshaashaa dubbisaa adda nibaafatta;
- hiika jechootaa galumsarraa nitilmaamta;
- jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban hima nifayyadamta;
- himoota walkeessa fuudhaman qindeessuun keeyyata nibarreessita;
- maqaa dhuunfaafi waliinii hima keessaa addaan baasta;
- maalummaafi ergaa mammaaksaa nihimta.

Barannoo 1

Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Uffata Aadaa Shamarran Uffatan



Gilgaala 1. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.

1. Fakkii armaan oliirraa maal hubatta?
2. Naannoo keessanitti shamarran qophii adda addaa irratti uffata akkamii uffatu?

Gilgaala 2. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa himoota armaan gadii guuti.

1. Torbiin _____ adii gogaa re'eerraa tolfamu kan shamarran mudhiirratti hidhataniidha.
2. Durbi tokka qarree ta'uu ishee ibsuuf _____ hidhatti.

3. Dungusaan uffata aadaa shamarran _____ qofti uffatanidha.
4. _____n kaadhimaa qabaachuu isaanii ibsa.

Gilgaala 3. Dubbisa dhaggeeffatteratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.

1. Akka aadaa Oromoo Wallootti torbiin maal ibsuuf uffatama?
2. Dubra dungusaa hidhatte kaadhimaaf gaafachuun maaliif hindanda'amne?
3. Uffanni aadaa shamarran Walloofi kan shamarran naannoo keetii garaagarummaa qabaa?
4. Dubbisa dhaggeeffatte irraa maaltu si gammachiise?

Barannoo 2 Dubbisuu

Gilgaala 4. Dubbisa dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee armaan gadii cimdiin irratti mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Naannoo keessanitti namoonni uffata aadaa guyyaa kamfaa uffatu?
2. Uffanni aadaa namoonni uffatan maal agarsiisa?
3. Hiikni jechoota/gaalee asii gadii maali?
 - a) duudhaa
 - b) uffata aadaa
 - c) kaawwachuu

Gilgaala 5

Dubbisa gaditti dhiyaate dubbisaa gabatee armaan gadii odeeffannoo sirrii ta'een guuti.

	Uffata Shamarran hineerumin uffatan	Uffata Shamarran heeruman uffatan/ kaawwatan	Uffata dhiironni uffatan
1	torbii	sabbata	hintee
2			
3			
4			

Uffata Aadaa Oromoo Walloo



Uffanni aadaa karaa ummanni tokko eenyummaa isaa ittiin ibsuufi duudhaa hawaasaa dhalootaa dhalootatti ittiin dabarsu keessaa isa tokkodha. Oromoon akkuma baay'ina ummata isaafi bal'ina lafa isaa uffanni aadaa inni qabus hedduudha. Uffata aadaa jiran keessaa tokko uffata aadaa Oromoo Wallooti. Oromoo Walloo biratti uffata

aadaa akaakuu garagaraa faayidaa adda addaaf oolan hedduutu jiru. Isaan keessaa uffata aadaa dubartoonniifi dhiironni dhimmoota adda addaaf uffatan maqaa dhahuun nidanda'ama.

Uffata aadaa shamarran Oromoo Walloo uffatan keessaa tokko torbiidha. Torbiin qabattoo adii yeroo baay'ee gogaa re'ee irraa tolfamu ta'ee, kan durbi akka sabbataatti mudhiitti hidhattuudha. Torbiin shamarni tokko durba qarree ta'uu ishee agarsiisuufi gaarayyuu qabaachuu ishee ibsuuf mudhiitti kan hidhattudha. Darbee darbee garuu kaadhimaa qabaachuu ibsuufis bakki itti uffatan nijira. Akkasumas, mudhiin isaanii akka qal'atuufi miidhaginni akka dabaluu taasisuuf torbii niidhatu.

Uffata aadaa dubartoonni Oromoo Walloo uffatan kan biroos nijiru. Isaan keessaa, dungusaa, sordiyaa, sabbata, gondobbeefi kanneen kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama. Dungusaan kan shamarran kaadhimaa qaban qofti uffatanidha. Durba uffata kana uffatte dargaggeessi kaadhimmachuufis ta'ee akka gaarayyuutti waliin turuuf hinilaallatu. Sordiyaaafi sabbata ammoo, dubartoota heerumantu godhata.

Oromoo Walloo biratti dhiironnis faaya aadaa mataa isaanii niqabu. Akka fakkeenyaatti, faaqqee, hintee, baarudii, garfooyyee, gojobaafi masnafa eeruun nidanda'ama. Faaqqeen faaya aadaa dargaggoonni rifeensa mataarratti suuqqataniidha. Faaqqeen muka yookaan sibiila irraa kan tolfamu ta'ee dargaggoonni gunfura ittiin filachuufi miidhaginaaf kan itti fayyadamanidha. Hinteen faaya aadaa

dargaggoonni rifeensa mataa isaanii jalatti maratan yoo ta'u, baarudiifi garfooyeen ammoo faaya mormarratti godhatamuudha. Baarudiin baaruda rasaasaa irraa ogeessaan bocamee kan tolfamu yommuu ta'u, waadaa jaalalaa agarsiisuuf kan ooluudha. Garfooyeen ammoo, callee xixiqqaa halluu garagaraa qaban irraa tolfamee mormarratti kan kaawwatamuudha.

Faayi aadaa dhiironni mudhiirratti hidhatan ammoo, gojoba jedhama. Gojobni mallattoo jagnummaa calaqqisiisuufi miidhagina agarsiisuuf kan ooluudha. Uffanni masnafa jedhamu ammoo, jirbiirraa kan hojjatamu ta'ee, dhiironni mudhii gaditti kan uffatanidha. Masnafa namoota gurguddaafi dargaggoota qofatu uffata. Daa'imman masnafa akka uffatan hineeyyamamuuf; aadaas miti.

Walumaagalatti, hawaasni Oromoo Walloo akkuma hawaasa biroo uffata isaatiin aadaafi eenyummaa isaa ibsataa tureera; ibsataas jira. Uffata garee hawaasaa adda addaatiin uffatamu kanaan kornayaa, umriifi gahee hojii adda baasuuf itti fayyadamu. Haala kanaan, ummatichi aadaa, duudhaafi safuu isaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa jira.

Gilgaala 6

A. Dubbisa armaan oliirratti hundaa'uun gaaffilee asii gadiif qubee deebii sirrii qabate filadhu.

1. Kanneen asii gadii keessaa kan faayidaa torbii ta'e kami?
 - A. Mudhiin akka qallatuufi miidhaginni akka dabaluu taasisa
 - B. Gaarayyuu qabaachuu ibsa.
 - C. Durba qarree ta'uu agarsiisuu ibsuuf
 - D. Hunduu deebiidha.

2. Yaadni ijoo keeyyata 4^{ffaa} maali?
- A. Waa'ee faaya aadaa dhiironni uffatan/ keewwatan
 - B. Waa'ee uffata aadaa shamarran kaadhimaa qaban uffatan
 - C. Waa'ee uffata aadaa dubartoonni da'an uffatan
 - D. Deebii hinqabu.
3. Hawaasa Oromoo Walloo biratti dubartoonni heerumaniifi shamarran uffata walfakkaatu uffatu.
- A) Dhugaa B) Soba
4. Kan jagnummaafi miidhagina dhiirotaa agarsiisuuf tajaajilu kami?
- A. Masnafa
 - B. Gojoba
 - C. Hintee
 - D. Faaqqee
5. Kan dhugaa ta'e kami?
- A. Hawaasni tokko eenyummaa isaa uffata aadaa isaatiin ni'ibsata.
 - B. Oromoon Walloo uffata aadaa garee hawaasaa adda addaan uffatamuun kornayaa, umriifi gahee hojii adda baasuuf itti fayyadamu.
 - C. Torbiin qabattoo adii dhiironni kofoo isaanii ittiin hidhatanidha.
 - D. A fi Bn deebiidha.

B. Kanneen armaan gadii kutaa qaama kamirratti akka uffataman/keewwataman barreessi.

Fakkeenyaaf,

torbii- mudhii

1. masnafa _____
2. gojoba _____
3. sabbata _____
4. hintee _____
5. faaqqee _____
6. baarudii _____
7. garfooyyee _____

C. Gaaffilee armaan gadii gareen irratti mariyachuun afaaniin dareef dhiyeessaa.

1. Shamarraniifi dargaggoonni naannoo keetii uffataafi faaya akkamii fa'a uffatu?
2. Uffanniifi faayi aadaa olitti ibsite yoom uffatamu?

Barannoo 3

Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

A. Jechoota roga "A" jala jiran hiika fakkaattii isaanii roga "B" jalatti kennamaniin walitti firoomsii.

A

1. gaarayyuu
2. faaya
3. gunfura
4. tolchuu
5. gootummaa

B

- a. hojjachuu
- b. michuu
- c. miidhagina
- d. jagnummaa
- e. goofaree

B. Hiika jechoonni himoota armaan gadii keessatti jala sararaman dubbisa keessatti qaban barreessi.

Fakkeenyaaf,

Uffata aadaa dhiironni uffatan keessaa garfooyyee, gojobaafi hintee maqa dhahuun nidanda'ama.

maqa dhahuu ___ himuu yookaan tarreessuu

1. Dungusaan akaakuu uffata aadaa shamarran kaadhimaman qofti uffataniidha.
2. Faaqqeen faaya aadaa dargaggoonni rifeensa mataarratti suuqqataniidha.
3. Gojobni jagnummaa calaqqisiisa.
4. Durba dungusaa uffatte dargaggeessi akka gaarayyuutti waliin turuuf hinilaallatu.

Barannoo 4

Barreessuu

Gilgaala 8

A. Jechoota sagalee sirriitiin barreeffame filachuun bakka duwwaa himoota armaan gadii guuti.

1. Godaannisni harka isaa irraa _____ ibiddaa ta'uu hinoolu. (gubaa, gubbaa, guuba).
2. Namni _____ ittiin yaadu qaba. (samuu, sammuu, saamuu).
3. Jaldeessi _____ bunaatti rarra'ee cabse. (damee, dammee).
4. Warri waan ishee jaallataniif _____ jedhanii moggaasaniif (Damee, Dammee, Daamee).
5. Namni hamma Badhaasoo _____ jaalatu hinjiru; nan dadhabee hinbeeku. (hoojii, hojii, hojjii).

6. Tulluun Diimtuu akkamitti akka _____, nama argatu beeka. (qooruu, qorruu, qorru).
7. Kosii qe'ee keessaa _____ ooyrutti gate. (harree, haree).
8. " _____ hinqabdu farda namaa tuffatti," jedha Oromoon yeroo mammaaku. (harree, haree).
9. Boonaan qonnaan bulaa cimaadha. Midhaan facaasuuf, dursee _____ qotee qopheessa. (laffa, lafa, lafaa)
10. Tolaan kophee malee deemuu jaallata. Kanarraa kan ka'e, _____n miila isaa waraante. (qoore, qoree, qorre)

B. Himoota walkeessa makamanii dhiyaatan qindeessuun keeyyata ergaa guutuu dabarsu barreessi.

1. Harawwan namtolchee ta'an ammoo Qooqaa, Fincaa'aa, Malkaa Waakkannaafi Gibee fa'i.
2. Isaanis, warreen uumamaan argamaniifi namtolchee ta'u.
3. Gabaabumatti, harawwan namtolchees ta'an kan uumamaan jiran kunneen turistoota hawwachuu keessatti shoora guddaa taphachaa jiru.
4. Harawwan Oromiyaa keessaa kanneen daawwatoota hawwatan bakka lamatti qoodamu.
5. Harawwan uumamaan argaman keessaa muraasni Shaallaa, Abijaataa, Langaanoo, Dambal, Basaqaafi Dandii fa'i.

Barannoo 5

Caasluga

Maqaa dhuunfaafi maqaa waliinii

Gilgaala 9

- A. Fakkeenya kennamerratti hundaa'uun jechoota armaan gadii maqaa dhuunfaafi maqaa waliinii jalatti ramadi.

Fakkeenyaaf,

maqaa dhuunfaa = Tolasaa, Abbayyaa, Jimmaa

maqaa waliinii = barataa, lukkuu

Finfinnee	Awaash	Nama
jabbi	Gaaddisaa	saree
Waabee	Kamisee	muka
hoolaa	Boontuu	magaalaa
farda	Naqamtee	waddeessa

Maqaa dhuunfaa	Maqaa waliinii

- B. Himoota armaan gadii keessaa maqaa dhuunfaafi waliinii baasii barreessi.

Fakkeenyaaf,

Gurmuun biqiltuu dhaabe.

Maqaa dhuunfaa: Gurmuu

Maqaa waliinii: biqiltuu

1. Marartuun kophee bitatte.
2. Badhaasaan buna danfise.
3. Faaxumaan kitaaba dubbisti.
4. Gannaale laga beekamaadha.
5. Caalaan nama gaariidha.

Yaadannoo

Maqaan kan namoonni, bakkeewwan, wantoonniifi kanneen kana fakkaatan ittiin waamamaniidha.

Maqaan dhuunfaa maqaa namni, bakki, biyyi, lagniifi kkf. dhuunfaan ittiin waamamudha. Fkn. Magarsaa, Asallaa, Laga Waabee, Oromiyaa...

Maqaan waliinii maqaa wantoonni, namoonni, bakkeewwaniifi kkf. waliin ittiin waamamanidha. Fkn. siree, muka, jaldeessa, nama....

Barannoo 6 Afoola

Mammaaksa

Gilgaala 10

A. Ergaa mammaaksota armaan gadiirratti gareedhaan mariyachuun afaaniin dareef gabaasaa.

1. Obsaan aannan goromsaa dhuga.
2. Ofii nyaatan ormaa laatan.
3. Mi'a walfakkaatu walbiratti fannisu.
4. Boru hinbeekneen qoda-bukooshee sagal.
5. Sangaa abbaan gaafa cabse, ormi ija balleessa.

B. Mammaaksota armaan gadii yaada sirrii ta'een xumuri.

1. Jirbiin walgargaartee _____.
2. "Abbaatu _____," jedhe bofti.
3. Dhamaatuun dhama raaftee "_____tu na dide" jetti.
4. Cubbuun bishaanii _____ nama nyaachisa.
5. Gubataa marqaa_____ .

C. Mammaaksota shan kan beektu ykn maatii kee gaafadhuu ergaa isaa wajjiin barreessuun dareef dhiyeessi.

BOQONNA 2: ATILEETOTA BEBBEEKAMOO

Boqonnaa 'Atileetota Bebbeekamoo' jedhu kana jalatti dubbisa mata dureen isaa 'Atileet Xurunash Dibaabaa' jedhu dhaggeeffachuufi barreeffama mata dureen isaa 'Atileet Waamii Birraatuu' jedhu dubbisuuf deemta. Kana malees, barannoowwan adda addaa mata dureewwan kanneen bu'ura godhachuun qophaa'an kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaafi afoolaa nibaratta. Kanaafuu, xiyyeeffannoon hojjachuun sirraa eegama.

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun ergaa isaa ni'ibsita;
- barreeffama dubbisuun yaada ijoofi callaa adda nibaasta;
- jechootarraa dhamjechoota nibaasta;
- sirna tuqaaleefi qub-guddeessa keeyyata keessatti nifayyadamta;
- jechoota sagalee laafaafi jabaa hima keessatti nifayyadamta;
- maqaalee dimshaashaa fayyadamuun hima ni'ijaarta;
- tapha ijoollee naannoo keetti beekamu nitaphatta;
- tapha ijoollee naannoo keetti beekamu nidingisiifatta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Atileet Xurunash Dibaabaa



Gilgaala 1

Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.

1. Atileetota biyya keenyaa keessaa kanneen fiigichaan addunyaarratti beekaman eenyuufaa beekta?
2. Waa'ee Xurunash Dibaabaa maal beekta?
3. Atileetota naannoo keetti beekaman eenyuufaa beekta?
4. Hiika jechoota asii gadii tilmaami.
 - a. atileetii
 - b. imaluu
 - c. meedaaliyaa

Gilgaala 2. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa deebii gaaffilee armaan gadii barreessuun deebisi.

1. Atileet Xurunash Dibaabaa bara kam dhalatte?
2. Maqaan haadha atileet Xurunash eenyu?
3. Bakki dhalootaa atileet Xurunash Dibaabaa eessa?
4. Xurunash maatii isheef mucaa meeqaffaadha?

Gilgaala 3. Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun deebii keessan afaaniin dareef dhiyeessaa.

1. Atileetonni akka milkaa'an maaltu isaan taasisa?
2. Ati waan tokkotti milkaa'uuf maal gochuun qaba jettee yaadda?
3. Dubbisa dhaggeeffatte irraa maal baratte?

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4. Dubbisa asii gadii dubbisuun dura gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun deebisaa.

1. Waa'ee atileet Waamii Birraatuu maal beekta?
2. Hiikni jechoota armaan gadii maali?
a) injifannoo b) gabbifachuu

Gilgaala 5. Dubbisa armaan gadii saffisaafi callisaan dubbisaa bakka duwwaa dhiyaate yaada sirrii ta'een guuti.

1. Atileet Waamii Birraatuu bara _____ dhalate.
2. Maqaan haadha atileet Waamii _____ jedhamti.
3. Atileetiin kun bara _____ raayyaa ittisa biyyaa keessatti qacarame.

4. Dorgommiin maaratoonii Muuniik 15ffaan biyya _____tti gaggeeffame.
5. Dhaabbatni atleet Waamii Birraatuuf doktorummaa kabajaa kenne _____jedhama.

Atileet Waamii Birraatuu



Atileet Waamii Birraatuu abbaa isaa Obbo Birraatuu Barraaqaafi haadha isaa Aadde Warqee Ayyaanaa irraa bara 1907 Magaalaa Sulultaatti dhalate. Ijoollummaa isaatti horii tiksuufi hojii qonnaatiin maatiisaa gargaaraa ture. Akkasumas, farda faana fiiguu, kurupheefi illeettii ari'ee qabuun beekama.

Guyyaa tokko haati isaa suuqiidhaa mi'a bitanii waraqa gaazeexaan maranii gara manaatti galan. Gaazeexaa sanarratti suuraa nama figichaan beekamaa ta'e tokkotu mul'ata. Atileet Waamiinis, "Ani namni kurupheefi illeettii ari'ee qabuu danda'u, namicha kana caalaa fiiguu hindanda'uu?" jechuun gara atileetiksiitti dhufuuf kaka'umsa horate. Kanarraa kan ka'e, bara 1945 Raayyaa Ittisa Biyyaa keessatti

qacaramuun shaakala fiigichaa ijoollummaatti eegale itti fufe. Haala kanaan, dandeettii fiigichaa uumamaan badhaafame kana gabbifachuun atileetii beekamaa ta'uu danda'eera. Biyya isaatiifis bu'aawwan hedduu galmeessisaa tureera.

Atileet Waamii Birraatuu dorgommiiwwan yeroo adda addaa biyya keessaafi biyya alaatti gaggeeffamaa ture irratti hirmaachuun injifannoowwan hedduu galmeessiseera. Fakkeenyaaf, dorgommiin maaratoonii Muuniik 15^{ffaa} bara 1953 Jaappaanitti taasifame isaaf yaadannoo addaa qaba. Kunis, yeroo sanatti osoo dhukkubsatuu hirmaachuun miila qullaa fiigee Abbabaa Biqilaatti aanee lammaffaa ba'uudhaan injifannoo argate. Atileet Abbabaa Biqilaa waliinis fiigee yeroo hedduu mo'ateera. Jireenya isaa keessatti dorgommiiwwan fiigicha meetira 5,000, 10,000, 1,500 fi maaraatoonii dorgomaa tureen, meedaaliyaa Warqee 51, Meetii 44 fi Nahaasa 30 walumatti meedaaliyaa 125 badhaafamuu danda'eera. Kana malees, leenjisa tokko malee dorgommiiwwan fageenya meetira garagaraatiin biyya keessaafi alatti hirmaatee mo'achuudhaan seenaa guddaa galmeessiseera.

Atileet Waamii Birraatuu ciminafi cichoomina isaa kanaan atileetota Itoophiyaafi Afrikaa keessaa burqanii yeroo ammaa akka addunyaatti injifannoo ajaa'ibsiisaa galmeessaa jiraniif fakkeenya guddaa ta'eera. Kanarraa kan ka'es, abbaa atileetota Afrikaafi Itoophiyaa jedhamuun beekama. Akkasumas, goota atileetiksii addunyaa, Abbabaa Biqilaa, dabalatee leenjisa atileetota hedduu ta'uun tajaajileera. Kanumarraa ka'uun, Yunivarsiitiin Riifti Vaalii bara 2017A.L. Atti sirna

eebba barattootaa Finfinnee galma Barkumeetti taasifame irratti

Doktarummaa Kabajaa kennuufii danda'eera.

Walumaagalatti, atileet Waamii Birraatuu goota atileetiksiifi abbaa atileetota hedduuti. Kanaafuu, atileetonni biyya keenyaafi Afrikaa beeksisuurra darbanii yeroo har'a addunyaa gama atileetiksiin raasaa jiran hedduun bu'aafi fakkeenyummaa isaati jechuun nidanda'ama.

Gilgaala 6

A. Dubbisa irratti hundaa'uun deebii gaaffilee armaan gadii barreeffamaan deebisi.

1. Atileet Waamii Birraatuu osoo gara atleetiksiitti hindhufin dura yeroo ijoollummaa isaatti maal hojjataa ture?
2. Filannoowwan asii gadii keessaa kan yaada ijoo keeyyata 3ffaa ta'e isa kami?
 - A. Atileet Waamiin gara atileetiksiitti dhufuuf kaka'umsa horachuu isaa
 - B. Injifannoowwan atileet Waamiin yeroo adda addaatti galmeessise
 - C. Raayyaa Ittisa Biyyaa keessatti qacaramuu isaa
 - D. Hunduu deebiidha
3. Atileet Waamii Birraatuu gara atleetiksiitti akka dhufuuf maaltu sababa ta'e?
4. Atileetii Waamii Birraatuu abbaa atileetota Itoophiyaafi Afirika jedhamee akka beekamu kan taasise maali?
5. Seenaa Atileet Waamii Birraatuu keessaa maal dinqisiifatte? Maaliif?
6. Seenaa Atileet Waamii Birraatuu irraa maal baratte?

7. Seenaa atileetii naannoo keetti beekamu tokkoo barreessii dareef dhiyeessi.

B. Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin dareef dhiyeessaa.

1. Atileet Waamiin maaliif goota atileetiksii jedhame?
2. Namni tokko dandeettii uumamaan qabu akkamitti gabbifachuu danda'a?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

A. Jechota armaan gadii akkaataa fakkeenya kennameen dhamjechootatti addaan qoqqoodi.

Fakkeenya,

- a. saroota _ (saree , -oota)
- b. hoolota _ (hoolaa , -ota)
- c. gaaffilee _ (gaaffii , -lee)
- d. laggeen _ (laga , -een)

Fakkeenya armaan olii keessatti jechi tokko dhamjechoota garagaraatti qoqqoodameera. Haaluma kanaan, fakkeenya 'a' keessatti jechi 'saree' jedhu dhamjecha ofdanda'aa yommuu ta'u, '-oota' kan jedhu ammoo, dhamjecha hirkataadha.

Dhamjecha jechuun sadarkaa hiikni itti eegalu jechuudha. Dhamjechi ofdanda'aan qofaa dhaabbatee hiika kenna. Dhamjechi hirkataan garuu, hiika kennuuf jechatti maxxanuu qaba.

1. jabbilee _____
2. mukkeen _____

3. namoota _____
4. sangoota _____
5. murtiwwan _____
6. kitaabilee _____

B. Jechota armaan gadii akkaataa fakkeenya kennameen dhamjecha itti dabalun barreessi.

Fakkeenya

bareedaabareedina

adiiaddeenya

1. qal'aa _____
2. dheeraa _____
3. fagoo _____
4. diimaa _____
5. dhiyoo _____

C. Jechoota roga "A" jala jiran hiika fakkaattii isaanii roga "B" jalatti kennamaniin walitti firoomsi.

A

1. meedaaliyaa
2. dorgommii
3. injifachuu
4. shaakala
5. mi'a
6. tiksuu
7. ari'uu
8. maaraatoonii

B

- A. morkii nama lamaafi isaa ol gidduutti taasifamu
- B. meeshaa
- C. badhaasa dorgommii mo'achuun argamu
- D. eeguu
- E. fiigicha fageenya 42km
- F. faana fiiguu
- G. qophii dorgommii tokkoof taasifamu
- H. mo'achuu

Barannoo 4:**Barreessuu****Qubguddeessaafi Sirna Tuqaalee****Gilgaala 8****A. Keeyyata armaan gadii keessatti dogoggora qubguddeessaafi sirna tuqaalee jiran sirreessuun barreessi.**

atileet qananiisaa baqqalaa abbaasaa obbo baqqalaa bayeessaafi haadhasaa aadde kuulanii raggaasaarraa waxabajjii 13 bara 1982A.L.A dhalate bakki dhaloota isaas naannoo oromiyaa godina arsii aanaa leemuufi bilbilooti maatiin isaas qote-bultootadha innis hojiiwwan qonnaa adda addaa hojjachuun maatiisaa gargaaraa ture. Akkasumas, Farda faana fiiguu, Kurupheefi hilleettii ar'ee Qabuun beekama

Yaadannoo

Qubguddeessi barreeffama keessatti tajaajila armaan gadii qaba: hima haaraa ittiin jalqabuuf, maqaalee kanneen akka maqaa namootaa, bakka, biyya, magaalotaafi naannoo, akkasuams qoodama yeroo tibbaa, kallattiiwwanfi kkf yommuu barreessinu qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'a. Sirni tuqaalee ammao, mallattoolee barruu keessatti bakka adda addaatti galuun yaadni barruu akka hiika argatu kan taasisaniidha.

B. Jecha qubee sirriin barreeffame filachuun bakka duwaa himoota armaan gadii guuti.

1. Inni baay'ee dheebotee jira. Kanaafuu, bishaan _____ dhugee dheebuu bahe.
A) qora B) qooraa C) qorraa D) qoora
2. Weenniin _____ mukaarra taa'a.
A) damee B) dammee C) daamme D) damme
3. Gurbichi mana_____
A) haree B) harree C) hare D) haare
4. Manni barnootaa _____ beekumsaati.
A) madda B) mada C) madaa D) maadda
5. Qilleensi har'aa baay'ee diilallaa'a. Kanaafuu, uffanni Kuulaniin miiccite dafee _____ dide.
A) qoruu B) qooruu C) qoru D) qorruu

Barannoo 5: Caasluga

Maqaa Dimshaashaa

Fakkeenya armaan gadii ilaali.

a) **midhaan** (qamadii, boqqoolloo, xaafii...)

b) **bineensa** (qamalee, leenca, qeerransa, ...)

Fakkeenya olii keessatti jechoonni 'midhaan' fi 'bineensa' jedhan maqaa dimshaashaati. Maqaan dimshaashaa maqaa wantoonni garagaraa dimshaashaan bakka tokkotti ittiin waamamanidha.

Gilgaala 9.

Maqaalee gabatee keessatti kennamaniif jalqaba maqaa dimshaashaa adda baasi. Itti aansuun, kanneen isaan jalatti hammataman barreessi.

beellada	Amaara	waddeessa	Oromoo
mosee	raafuu	allaattii	qullubbii
harraagessa	gaangee	biqiltuu	harree simbira
Somaalee	leemman	ummata	kuduraa
farda	birbirsaa	gugee	

1. beellada (farda, gaangee, harree)
2. _____ (_____, _____, _____)
3. _____ (_____, _____, _____)
4. _____ (_____, _____, _____)
5. _____ (_____, _____, _____)

Barannoo 6: Afoola

Tapha Ijoollee



Gilgaala 10

A. Tapha ijoollee armaan gaditti kenname lama lama ta'uun hiriyyaa kee waliin shaakali.

Tole obboo!

Been gabaa baana.....tole obboo!
Gabaa jaldeessaa.....tole obboo!
Waan biyya keetii.....tole obboo!
Sittan odeessaa.....tole obboo!
Yoon achii ka'uu.....tole obboo!
Dubartii tokko.....tole obboo!
Farsoo gurgurtiitole obboo!
Hoodhu naan jettee.....tole obboo!
Maal godhu jennaan.....tole obboo!
Dhugi naan jettee.....tole obboo!
Farsoo farankaa.....tole obboo!
Xaasaa walakkaa.....tole obboo!
Natti kennitee.....tole obboo!
Cunquran godhee.....tole obboo!
Cunqur na godhee.....tole obboo!

B. Gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.

1. Tapha armaan olii keessatti 'Waan biyya keetii sittan odeessaa' kan jedhu maal odeessa jettee yaadda?
2. Akka galumsa tapha kanaatti '*cunquran*' godhe jechuun maal jechuudha?

C. Tapha ijoollee naannoo keessanitti beektan barreessuun daree keesatti hiriyoota keessan waliin taphachuun agarsiisaa.

BOQONNAA 3: AFWALALOO

Boqonnaa 'Afwalaloo' jedhu kana jalatti barreeffama mata dureen isaa 'Geerarsa' jedhu dhaggeeffachuufi dubbisa mata dureen isaa 'Mirrisa' jedhu ammoo, dubbisuuf deemta. Kana malees, barannoowwan adda addaa mata dureewwan kanneen bu'uura godhachuun qophaa'an kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaa fi afoola nibaratta. Kanaafuu, xiyyeeffannoon hojjachuun sirraa eegama.

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- afwalaloo dhaggeeffachuun yaada isaa nihimta;
- ergaa afwalaloo nidingisiifatta;
- mirrisa dhiyaate dubbisuun ergaa isaa adda nibaasta;
- afwalaloo garagaraa nibarreessita;
- muraa fayyadamuun gaaleewwan walaloo addaan nibaasta;
- jechootaaf hiika faallaa isaanii nikennita;
- jechoota haaraa barattetti nifayyadamta;
- gochibsa hima keessaa addaan nibaafatta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Geerarsa

Gilgaala 1. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Akaakuuwwan afwalaloo Oromoo maalfaa beektu?
2. Geerarsi Oromoo maalfaa ibsuuf geerarama?

Gilgaala 2. Walaloo siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa himoota armaan gadii guuti.

1. Durattoo _____ hindhaqnee
2. Obomboleettii _____
3. Maaltu _____ kaasaree?
4. Nooraa _____ Dhidheessaa
5. Jooraan _____ bineensaa.

Gilgaala 3. Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mariyachuun afaaniin deebisi.

1. Geerarsa "Angarii karaa Siree
Nooraa karaa Dhidheessaa
Ani yooman garaa hiree
Jooraan garaa bineensaa" jedhu keessatti, ergaan gaaleewwan jala sararaman qaban maali?
2. Geerarsa gootummaa ibsu, kan naannoo keessanitti geeraramu qopheeffachuun dareef geerari..

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4

Dubbisa armaan gadii dubbisuun dura gaaffilee kennaman gareen irratti mariyachuun afaaniin deebisi.

1. Akaakuuwwan afoolaa keessaa kanneen bifa walaloon dhiyaatan maal fa'i?
2. Afoola yeroo oomishaa naannoo keessanitti hawaasni itti gargaaramu tokko lama lamaan walitti himaa.

3. Hiika jechoota asii gadii afaaniin deebisi

- a. guurii
- b. roorroo
- c. afwalaloo
- d. doqna

Gilgaala 5. **Mirrisa armaan gadii callisaafi saffisaan dubbisaa bakka duwaa gaaffilee asii gadii guuti.**

1. Mirrisni Oromoo _____biratti beekamaafi jaallatamadha.
2. Ummanni Oromoo Harargee _____fi _____ibsuuf mirrisatti fayyadamu.
3. Mirrisni _____n labataa labatatti dabra.

Mirrisa

Afwalaloo hedduu ummatni Oromoo qabu keessaa tokko mirrisa. Mirrisni akkuma afwalaloowwan biroo afaaniin labatarraa labatatti darbaa dhufe. Afwalaloon kun ummata Oromoo Harargee biratti baay'ee beekamaafi jaallatamaadha. Ummatichi seenaa, aadaa, ilaalcha, gootummaa, siyaasa, dinagdeefi hawaasummaa ibsuuf mirrisatti fayyadama. Mirrisa armaan gaditti dhiyaate akka fakkeenyaatti fudhachuun ilaaluun nidanda'ama.

1. Dhagayii dhaggeeffadhuu
Guurii gurraa fudhadhuu.
Halkaniin deema malee
Waraabo kophee hinqabu.
Caccabseet nyaata malee
Leenci gaachana hinqabu.
Useeti deema malee

Kofleen taphadha malee

Diina waliin garaan fayyaa nanqabu.

2. Addunyaa horan malee
Yoo waa baratan malee
Mi'aa jiruu arganii?
Barumsaan deeman malee
Hayyuu qabaatan malee
Cinqii jalaan bahanii?
Humna qabaatan malee
Ittiin hojjatan malee
Miidhaa jalaan bahanii?
Yoo waliif tumsan malee
Yoo waliif galan malee
Roorroo jalaan bahanii?
3. Gaarri jiraachuu baatu
Shiiraan eessaa dhalataa?
Gaariin jiraachuu baatu
Hamaan eessaa dhalataa?
Arjaan jiraachuu baatu
Doqni eessaa dhalataa?
Dhalaan jiraachuu baatu
Dhiirri eessaa dhalataa
Yoo gowwaan wallaale malee
Biyyeen Oromiyaa galataa.
4. Gaangeen hingarmaamtuu
Yoo bulloo taate malee
Simbirroon loon hin nyaattuu
Yoo cirrii taate malee
Titiisni hindammeessituu
Yoo kanniisa taate malee
Alagaan namaa hinnaattuu

Yoo lammii taate malee.
Akkanan jechuu beekaa
Waan naan jettuun eegaa.

Gilgaala 6. Deebii gaaffilee asii gadii Mirrisa dubbisterratti hundaa'uun barreeffamaan deebisi.

1. Mirrisa dhiyaate keessatti,
"Dhagayii dhaggeeffadhuu
Guurii gurraa fudhadhuu" kan jedhu maal jechuudha?
2. Afwalaloo kana keessatti, buufanni lammaffaan dhimmoota barbaachisoo ta'an maalfaa ibsa?
3. Buufata sadaffaa afwalaloo Mirrisa jedhuu keessatti, dhimmoonni akka walii faallaatti dhiyaatan maal fa'i? Barbaachisummaan wantoonni walii faallaa maali?
4. Afwalaloo naannoo keetti argamu tokko ergaasaa waliin barreessuun dareef dhiyeessi.

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7 Jechoota armaan gaditti kennamaniif hiika faallaa isaanii gabatee keessaa filachuun guuti.

doqna	gaara	gamna	hamaa
goota	wacuu	dubartii	

1. gaarii hamaa
2. arjaa _____
3. dhiira _____
4. gowwaa _____
5. usuu _____

6. shiiraa _____
7. lugna _____

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8

A. Gaalee walaloo Mirrisa armaan gadii muraa gargaaramuun addaan baasi.

Fakkeenyaaf,

☞ Dhagayii dhaggeeffadhuu/Guurii gurraa fudhadhu.

1. Calanqoo caliidha lafee bobeessanii
Warri dhaqee arge kana odeessanii
2. Gaarri jiraachuu baatu shiiraan eessaa dhalataa
Gaariin jiraachuu baatu hamaan eessaa dhalataa
Arjaan jiraachuu baatu doqni eessaa dhalataa

B. Geerarsa naannoo keetti geeraramu tokko barreessuun dareef dhiyeessi.

C. Jechoota gabatee armaan gadii keessaa kanneen irrabutaafi hudhaa qaban addaan baasii barreessi.

bineensa	sa'aatii	baay'ee	birmaduu
moo'aa	farda	simbira	hir'uu
ardii	dil'uu	ida'uu	foo'aa
dargaggeettii	kofle	mil'uu	bo'oo
dardara	ka'umsa	jilba	mormaa

D. Jechoota armaan gadii keessatti hudhaa bakka sirriitti galchuun irra deebi'uun barreessi.

Fakkeenyaaf, ta'e	mul'ate	re'ee
1. rooo	_____	
2. buuura	_____	
3. mimmieessuu	_____	
4. kaumsa	_____	
5. babalisuu	_____	
6. dandaan	_____	
7. jalisuu	_____	

Barannoo 5: Caasluga

Gochibsa

Himoota asii gadii keessatti jechoota jala sararaman ilaali.

- Qilxaan dafee dafee nyaata.
- Leenseen saffisaan dubbisti.
- Roobaan kaleessa gale.

Himoota olii keessatti jechoonni jala sararaman gochibsootadha. Hima a fi b keessatti 'dafee dafee' fi 'saffisaan' jechoonni jedhan akkaataa gochi itti raawwate waan ibsaniif, gochibsoota akkaataa jedhamu. Hima c keessatti ammoo, jechi 'kaleessa' jedhu gochibsa yerooti. Kanaafuu, gochibsi jecha yookaan gaalee gochima dura galuudhaan bakka, yeroofi akkaataa gochi tokko itti raawwatame ibsudha.

Gilgaala 9

A. Himoota armaan gadii keessatti jechoonni jala sararaman gochibsoota kam akka ta'an barreessuun adda baasi.

Fakkeenyaaf,

Meetiin Harargeetti dhalatte = kan jala sararame gochibsa bakkaa

1. Abdiin dheengadda deeme.
2. Taliileen saffisaan dubbisti.
3. Badhaasaan Finfinnee jiraata.
4. Biiftuun iftaan galti.
5. Leenci lafee caccabsee nyaata.

B. Himoota armaan gadii keessatti gochiibsoota jala sararuun agarsiisi.

1. Mucattiin suuta barreessiti.
2. Isheen daddaftee barreessiti.
3. Mucaan sun kokkolfaa odeessa.
4. Bashaatuun haguuggattee rafti.

C. Jechoota armaan gaditti kennaman maqaa dhuunfaa, maqaa waliinii yookaan maqaa dimshaashaa jechuun gabatee gadii keessatti guuti.

Fakkeenyaaf, bineensa = maqaa waliinii

Finfinnee = maqaa dhuunfaa

ummata	amajjii	odaa	bushaayee	roobii
Galaanee	nama	Jimmaa	garbuu	beelladoota
muka	barsiisaa	farda	Kumsaa	kotte duudaa

Maqaa dhuunfaa	Maqaa waliinii	Maqaa dimshaashaa

Barannoo 6: Afoola

Gilgaala 10

A) Geerarsa armaan gaditti dhiyaate irratti hundaa'uun gaaffilee itti aananii jiran deebisi.

Boqqolloon Birraa dhufaa,
 Baaduun Arfaasaa dhufaa,
 Eessa abbaa kootii fuudheen,
 Walitti nyaadhee ilaalaa?
 Humni ganama dhufaa,
 Qalbiin galgala dhufaa,
 Eessa abbaakootii fideen,
 Walmaddii kaa'ee ilaalaa?

1. Yaadni, "boqqolloon birraa dhufaa, baaduun arfaasaa dhufaa" jedhu _____ agarsiisa.

- A) boqolloofi baaduun altokkotti dhufuu
- B) Birraafi arfaasaan waqtii adda addaa ta'uu
- C) boqolloofi baaduun walfaana argamuu dhabuu
- D) Hunduu deebiidha

2. Yaadni, 'humni **ganama** dhufaa, qalbiin **galgala** dhufaa' jedhu keessatti jechoonni gurraacheffaman wal duraa duubaan ururii kam agarsiisu?
- A) Ijoollummaafi dargaggummaa
B) Dargaggummaafi manguddummaa
C) Gadamoojjummaafi ijoollummaa
D) Daa'imummaafi ga'eessummaa
3. Geerarsa dhiyaate keessatti gaaleen 'Eessa abbaakootii fideen, walmaddii kaa'ee ilaalaa?' jedhu maal ibsa?
- A) Gaabbii B) Obsa C) Soorummaa D) Sadoo

B) Ergaa geerarsa armaan gadii irratti gareen mariyachuun dareef ibsaa.

Surree jilbarraan dhumte
Abbaatu waraannata;
Deega ijoollummaan dhufte
Abbaatu tattaafata;
Surree koo dhuman oolle
Baga jilbarraan dhumte ;
Anuu sinwaraannadha;
Deega koo dhufan oollee
Baga ijoollummaan dhuftee;
Anuu nan tattaafadhaa.

BOQONNAA 4: QONNA AMMAYYAA

Boqonnaa 'Qonna Ammayyaa' jedhu kana jalatti dubbisa mata dureen isaa 'Qonna Magaalaa' jedhu dhaggeeffachuufi dubbisa mata dureen isaa 'Sanyii Filatamaa' jedhu ammoo, dubbisuuf deemta. Kana malees, barannoowwan adda addaa mata dureewwan kanneen bu'ura godhachuun qophaa'an kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaafi hibboo nibaratta. Kanaafuu, xiyyeeffannoon hojjachuun sirraa eegama.

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhaggeeffachuun yaada isaa nihimta;
- Yaada ijoofi callaa dubbisa dubbistee adda nibaasta;
- keeyyata keessaa hima ijoo, himoota gargaartuufi goolabaa adda nibaasta;
- jechoota waliin deemaniif hiika isaanii nikennita;
- himoota walkeessa makaman qindeessuun keeyyata amansiisaa nibarreessita;
- maqibsoota fayyadamuun hima ni'ijaarta;
- seera hibboo hordofuun hibboo nitaphatta.

Barannoo 1:

Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Qonna Magaalaa



Gilgaala 1. Gaaffilee kanaa gadiirratti hiriya kee waliin mariyachuun deebii keessan afaaniin kennaa.

1. Fakkiin armaan olii maal agarsiisa.?
2. Naannawa manaatti maal fa'itu oomishamuu danda'a ?

Gilgaala 2

A. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa yaada sirrii ta'e 'dhugaa' ykn kan sirrii hintaane immoo, 'soba' jechuun deebisi.

1. Aadde Jiituun kuduraafi muduraa oomishuun beekamti.
2. Lukkuun galtee oomisha muduraafi fuduraa Aadde Jiituuti.
3. Kuduraafi fuduraan baadiyaa qofatti oomishama.
4. Aadde Jiituun oomisha kuduraafi fuduraa gabaaf dhiyeessiti.

B. Hiika jechoonni asii gadii dubbisa dhaggeeffatte keessatti qaban barreessi.

1. bososseessuu _____
2. handaara _____

3. muduraafi fuduraa _____
4. qonna magaalaa _____

Gilgaala 3.

Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gareen mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Qonna magaalaa qonna baadiyaarraa maaltu adda taasisa?
2. Qonna magaalaa babal'isuun maaliif barbaachise?
3. Aadde Jiituu maaltu adda duree taasise?
4. Qonna magaalaa babal'isuun faayidaa maal qaba?
5. Dubbisa dhaggeeffatte irraa maal hubatte?

Barannoo 2:

Dubbisuu

Gilgaala 4

Dubbisa dhiyaate dubbisuun dura gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin dareef gabaasaa.

1. Sanyii filatamaan naannoo keessanitti beektaman maal fa'i?
2. Sanyii filatamaa fayyadamuun bu'aa akkamii qaba?
3. Hiika jechoota asii gadii tilmaami.
 - a. galtee
 - b. sanyii
 - c. filatamaa

Gilgaala 5.

Dubbisa dhiyaate dubbisaa bakka duwwaa himoota armaan gadii guuti.

1. Dinagdeen biyya keenyaa harki caalu _____ irratti kan hundaa'edha.

2. Sanyii filatamaan _____ fooyyessuuf gumaacha guddaa qaba.
3. Oomishtummaa guddisuuf _____ argchuun qofti gahaa hinta'u.
4. Sanyiin filatamaan midhaan qofa osoo hintaane _____, _____, _____ fa'is nidabalata.



Sanyii Filatamaa

Dinagdeen ummata biyya keenyaa harki caalu qonnarratti kan hundaa'eedha. Jireenya hawaasaa fooyyessuuf hojii qonnaa ammayyeessuun oomishtummaan akka dabaluu taasisuun murteessaadha. Qonna ammayyeessuuf ammoo teekinooloojiiwwan garagaraa oomishtummaa guddisuuf **oolanitti** dhimma bahuu gaafata. Qonni hojiiwwan midhaan garagaraa sanyii filatamaa gargaaramuun oomishuufi horii akaakuuwwan adda addaa horsiisuu kan hammatuudha. Dubbisni kunis galteewwan oomishtummaa dabaluu keessaa tokko kan ta'e sanyii filatamaarratti xiyyeeffata. Galteewwan oomishtummaa fooyyessan keessaa sanyii filatamaan isa tokkoodha. Sanyiin filatamaan, sanyii bu'aa qorannoofi qo'annoo teekinolojiin fayyadamuun haala oomishtummaa daran itti dabaluu

danda'uun kan argamuudha. Kunis, sanyiiwwan garagaraa walitti makuufi diqaalomsuun kan argamuudha. Oomishaafi oomishtummaa guddisuu keessatti, sanyii filatamaafi qulqulluu ta'e fayyadamuun murteessaadha. Qonnaan bultoonnis sanyii filatamaa midhaan garaagaraa, kuduraalee, muduraaleefi kanneen kana fakkaatan yoo fayyadaman ooyiruu xiqqoorraa oomisha guddaatu argama.

Oomishtummaa guddisuuf sanyii filatamaa argchuun qofti gahaa hinta'u. Sanyii filatamaatti fayyadamuun cinaatti dhimmoonni xiyyeeffannaa barbaadan nijiru. Fakkeenyaaf, sanyiin osoo hinfaca'in dura ooyiruu irra deddeebiin qotuun sirriitti qopheessuun barbaachisaadha. Sanyii tooraan facaasuun garmalee akka **hingobbanne** yookaan hinhaphanne gochuunis dhimma murteessaa ta'eedha. Xaa'ootti sirnaan fayyadamuu, aramaafi ilbiisota farra oomisha midhaanii ta'an tooftaalee adda addaatiin dhabamsiisuufi kanneen kana fakkaatan raawwachuun haalaan barbaachisu.

Walumaagalatti, guddina dinagdee dhuunfaafi biyyaa milkeessuuf mala qonnaa ammayyaa gargaaramuun oomishtummaa guddisuufi qonna babal'isuun murteessaadha. Kana hojiirra oolchuu keessatti ammoo, sanyii filatamaa gargaaramuun tooftaa ijoodha. Kanaafuu, sanyii filatamaatti fayyadamuun oomishtummaa hunda-galeessa ta'e argamsiisuun guddina dinagdee biyya keenyaaf daran barbaachisaadha.

Gilgaala 6

A. Deebii gaaffilee armaan gadii dubbisa irratti hundaa'uun barreessuun deebisi.

1. Oomishtummaa dabaluuuf sanyii filatamaatti fayyadamuun qofti gahaadha. A. dhugaa B. soba
2. Qonni akaakuu midhaan adda addaa oomishuu qofarratti xiyyeeffata. A. dhugaa B. soba
3. Sanyii garmalee gobbisanii yoo facaasan maaltu ta'a?
4. _____ galteewwan oomishtummaa dabalaa keessaa isa tokkoodha.

B. Gaaffilee asii gadii dubbisarratti hundaa'uun gareen irratti mariyachuun dareef dhiyeessaa.

1. Sanyii gobbisanii ykn haphisanii facaasuun oomishtummaa irratti dhiibbaa akkamii qaba?
2. Oomishtummaa guddisuuf sanyii filatamaa gargaaramuun alatti maalfaatu raawwatamuu qaba?
3. Dubbisa kanaa olitti dhiyaateraa maal hubatte?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

A. Jechoota roga "A" jala jiraniif jechoota roga "B" jalatti kennaman keessaa kan waliin deeman filachuun walitti firoomsi.

A

1. midhaan
2. sa'a
3. haala
4. qonnaan
5. sanyii

B

- A. qilleensaa
- B. filatamaa
- C. dheedhii
- D. aannanii
- E. bulaa

B. Hiika jechoonni/gaaleewwan himoota armaan gadii keessatti jala sararaman qaban filadhu.

1. Dinagdeen biyya keenyaa harki caalu qonnarratti kan hundaa'eedha.

- A. bu'uureffate B. hinmijoofne C. laafe

2. Qonna ammayyeessuuf tekinooolojii oomishtummaa guddisutti dhimma bahuun barbaachisaadha.

- A. haajaa horachuu B. fayyadamuu C. jaallachuu

3. Sanyii filatamaan oomishtummaa fooyyessuu keessatti gumaacha guddaa qaba.

- A. hariiroo B. miidhaa C. gahee

4. Sanyii gobbisanii facaasuun oomishtummaa xiqqeessa.

- A. yabbisanii B. gabaabsanii C. xiqqeessanii

5. Xaa'oon galteewwan oomishtummaa dabalaa keessaa isa tokkoodha.


A. sanyii B. ciicata C. oomisha

6. Qonna ammayyeessuuf teekinooloojiiwwan garagaraa oomishtummaa guddisuuf oolanitti dhimma bahuu gaafata.

A. barfatan B. fayyadan C. hafan

C. Haala fakkeenya kennameen jechoota jecha kenname waliin deeman caattoon agarsiisi.

Fakkeenyaaf,



- guddina dinagdee
- guddina qonnaa, ...

1. horsiisa _____, _____, _____
2. horii _____, _____, _____
3. qonna _____, _____, _____
4. oomisha _____, _____, _____

Barannoo 4: Barreessuu**Gilgaala 8****A. Keeyyata amansiisaa asii gadii dubbisuun hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaa baasii barreessi.**

Balaa konkolaataa yeroo garayerootti dabalaa jiru hir'isuuf, dhirotarra dubartootatu konkolaachisuu qaba. Dubartoonni dhirotarra of eeggannoon konkolaachisu. Kanaafis, sababa hedduu eeruun yoo danda'ames, isaan ijoon garuu miira haadhummaafi garalaafummaa qabaachuu isaaniiti. Kana malees, dhirotarra dubartootatti itti gaafatamummaa guddaatu dhaga'ama. Dhiironni garuu, of jaalachuu isaanii irraa kan ka'e yeroo konkolaachisan lafoof dursa hinlaatan. Kunimmoo, babal'ina balaa tiraafikaatiif sababa ijoodha. Kanaafuu, dubartoonni dhirotarra tasgabbii waan qabaniif, baay'inaan konkolaachisummaa irratti yoo hirmaachisan balaan tiraafikaa nixiqqaata.

Yaadannoo

Keeyyanni tuuta himootaati. Himoonni adda addaa walitti dhufuun ergaa bu'uuraa tokko qofa dabarsu. Keeyyata tokko keessa himoota adda addaatu argama. Isaanis, hima ijoo, himoota callaa/gargaartuufi hima goolabaa jedhamu.

Hima ijoo: hima ergaa waliigalaa keeyyatichaa ofkeessatti qabateedha.

Himoonni callaa/gargaartuu: himoota yaada hima ijoo keessa jiran babal'isuun ibsaniidha.

Hima goolabaa: guduunfaa yaada keeyyata tokko keessatti ibsameeti.

B. Himoota walkeessa makamanii kennaman qindeessuun keeyyata jalqabame xumuri.

1. Kanneen yeroo isaanii hunda bakka hintaanetti dabarsaniifi sagantaan hinqo'anne garuu, barnoota isaaniin hinmilkaa'an.
2. Barattoonni yeroo isaaniitti fayyadamanii sagantaan qo'atan ciccimoo ta'u.
3. Kun ammoo, bu'aa barachuu isaaniin argame qofa giddu galeeffata malee akkaataa isaan dandeettii yookaan bu'aa sana itti argatan hinibsu.
4. Kanaafuu, ciminaafi dadhabina barattootaa kan murteessuu ifaajee barattoonni taasisani.
5. Haata'u malee, namoonni tokko tokko ebelu barataa cimaadha; ebelummoo, barataa dadhabaadha jedhanii yoo ibsan nidhaga'ama.

Barattoonni uumamaan ciccimoo yookaan suuteyyii ta'anii dhalatan hinjiran. Barattoota ciccimoo ykn suuteyyii kan taasisu hojii isaaniiti

.....

.....

.....

Barannoo 5: Caasluga

Maqibsa

Gilgaala 9

A. Fakkeenyaaf kennamerratti hundaa'uun himoota kennaman keessaa maqibsa baasi.

Fakkeenyaaf,

Abdiin kophee adii bite.

Hima kana keessatti jechi **adii** jedhu maqibsadha. Jechi kun maqaa "kophee" jedhu booda galuudhaan bifa kophee sanaa ibsa. Kanaafuu,

maqibsi hima keessatti maqaa booda galuun waa'ee maqaa sanaa odeeffannoo dabalataa, jechuunis bifa, hanga, dheerina, amalaafi kanneen kana fakkaatan kan ibsuudha.

1. Caalaan sangaa daalacha bite.
2. Wacaatuun ulee qal'oo qabatte.
3. Godaanaan loon baay'ee qaba.
4. Kuulaniin huccuu diimaa uffachuu jaallatti.
5. Barattoonni daree bal'aa keessatti barachaa jiru.

B. Maqaa roga "A" jalatti kennaman; maqibsoota roga "B" jalatti kennamaniin walitti firoomsi.

<u>A</u>	<u>B</u>
1. qalama	A. dheeraa
2. muka	B. miilaa
3. sa'a	C. Jimmaa
4. buna	D. aannanii
5. kubbaa	E. diimaa

C. Himoota maqibsoota garagaraa ofkeessaa qaban shan barreessi. Jechoota maqibsa ta'an ammoo, jala sarari.

Barannoo 6: Afoola

Hiibboo

Gilgaala 10

A. Akkaataa Biliseefi Magarsaan hiibboo waliin tapahata ilaali.

Magarsaa: Hibboo!

Bilisee: Hibib.

Magarsaa: Mana gamaa balballi isaa lama.

Bilisee: Ija

Magarsaa: Hinarganne.

Bilisee: Gurra

Magarsaa: Hinarganne; lafa naa kenni.

Bilisee: Jimma siif kenne.

Magarsaa: Jimma koo deemee maalan dhabaa

Aannan qe'ee keessa na yaa'aa

Bosonni dallaa naaf ta'aa

Dammi naaf jiraa

Ani sin arrabsuu

Waaqni diina kee haa cabsuu;

Hiddi walitti nu jiraa

Kanumaafan sii hilaa. Deebiin isaa **funyaani**.

B. Deebii hiibboowwan armaan gaditti kennamanii hiriyyaa kee hiibbifachaa yookiin gaafachaa barreessi.

1. Miila hinqabu; gaara baha.
2. Gamaan gaara; gamanaan gaara; jidduun farda magaala.
3. Yoo ilaalan dhagaa; yommuu nyaatan dhadhaa.
4. Buburree akka shaamaa; dubbataa akka namaa.
5. Allaattii takkittiin muka sadiirra teessi.
6. Abbaan nidhaabbata; haatii ni'irkatti; ilmoon nitaphatti.

C. Akkaataa hiibboon naannoo keetti hiibbifamu irratti hundaa'uun hiriyyaa kee waliin dabareen wal hiibbifadhaa.

BOQONNAA 5: TURIIZIMII OROMIYAA

Boqonnaa 'Turiizimii Oromiyaa' jedhu kana jalatti dubbisa mata dureen isaa 'Irreecha' jedhu dhaggeeffachuufi dubbisa mata dureen isaa 'Hawwata Turiizimii Oromiyaa' jedhu ammoo, dubbisuuf deemta. Kana malees, barannoowwan adda addaa mata dureewwan bu'uura godhachuun qophaa'an kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaa, hiibboofi afoola nibaratta. Kanaafuu, xiyyeeffannoon hojjechuun sirraa eegama.

Bu'aalee Barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhaggeeffachuun gaaffilee nideebista;
- dubbisa dubbisuun yaada ijoofi callaa nikennita;
- jechoota adda addaaf hiika galumsaa nikennita;
- jechoota birsagatti niqoqqoodda;
- gumee kenname fayyadamuun keeyyata jalqabame nixumurta;
- hima keessaa yaada sababaafi bu'aa agarsiisu adda nibaasta;
- jechootaafi gaaleewwaan adda addaa gabaajessuun yookaan kottoonfachiisuun nibarreessita;
- hima keessaa matimaafi gochima adda nibaafata;
- matimaafi gochima fayyadamuun hima ni'ijaarta.

Barannoo 1:

Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Irreecha



Gilgaala 1. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun

dura gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.

1. Fakkiin olitti dhiyaate maal argisiisa?
2. Irreecha maaltu hawwatamaa taasise?
3. Naannoo keessanitti namoonni yeroo ayyaana Irreechaa maal maal qabatanii gara malkaa deemu?

Gilgaala 2. Gaaffilee armaan gadii dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa deebisi.

1. Gochaalee waaqeffannaa keessaa inni bu'uuraa maali?
2. Irreechi Birraa _____tti; Irreechi Arfaasaa ammoo, _____tti kabajama.
3. Irreechi Birraa maaliif kabajama?
4. Dhibaayyuun mallattoo maaliiti?
5. Irreechi Oromiyaa gama Kibbaatti maal jedhamuun beekama?

Gilgaala 3. Dubbisa dhaggeeffatterratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Garaagarummaafi tokkummaan Irreecha Birraafi Arfaasaa maali?
2. Irreechi Hora Harsadeetti kabajamu guddina turiizimii biyyaatiif bu'aa akkamii qaba?

Barannoo 2: Dubbisuu



Gilgaala 4. Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhiyaate dubbisuun dura afaaniin deebisi.

1. Naannoo keetti wantoonni daawwataman maal fa'i?
2. Fakkiiwwan armaan olii maal agarsiisu?
3. Oromiyaa keessatti iddoowwan hawwata turiizimii ta'an keessaa kamfaa beekta? Eessa eessatti argamu?
4. Hiikni jechoota asii gadii maali?
 - a. hawwata
 - b. namtolchee
 - c. turiistoota

Gilgaala 5. Deebii gaaffilee armaan gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa deebisi.

1. Wantoonni uumamaan jiraniifi turiistoota hawwatan maal fa'i?
2. Masaraan Kumsaa Morodaa balbala _____ qaba.
3. Masaraan Abbaa Jifaar _____ irraa ijaarame.
4. Holqi Soof Umar Finfinneerraa kiloomeetira meeqa fagaata?
5. Harawwan Oromiyaa hawwata turiistotaa ta'an kam fa'i?
6. Bakka argama paarkiiwwan armaan gadii guuti.

Maqaa paarkiiwwanii

Godina itti argamu

Paarkii Biyyoolessaa Awaash _____

Paarkii Dhaatii Walal _____

Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baalee _____

Paarkii Baabbilee _____

Hawwata Turiizimii Oromiyaa

Oromiyaan iddoowwan hawwata turiizimii ta'an hedduu qabdi. Iddoowwan hawwata turiizimii ta'an keessaa kanneen akka masaraawwan, holqawwan, paarkiiwwan, harawwaniifi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama. Iddoowwan kunniin turiistoota baay'een kan daawwataman waan ta'aniif, guddina dinagdee biyyaa keessatti qooda guddaa qabu.

Hawwata turiizimii Oromiyaan qabdu keessaa tokko masaraawwani. Masaraawwan kanneen keessaa Masaraa Kumsaa Morodaafi Masaraa Abbaa Jifaar eeruun nidanda'ama. Masaraan Kumsaa Morodaa Godina

Wallaggaa Bahaa Magaalaa Naqamtee keessatti argama. Masaraan kun balbala saddeet qaba. Kunis, marsaa Gadaa Oromoo agarsiisuuf kan hojjatamedha. Masaraan Abbaa Jifaar immoo, Godina Jimmaa, Magaalaa Jimmaatti argama. Masaraan kun bara 1870 yeroo bulchiinsa mootummaa Abbaa Jifaar keessa ijaarame. Masaraan kun dhagaafi mukkeenbabbareedaa irraa hajjatame. Akkasumas, hanqaaquufi daakuu qamadii walitti makuun akka simintootti fayyadamuun hojjatame.

Hawwata turiizimii Oromiyaan qabdu keessaa inni lammataa Holqawwani. Holqawwan kanneen keessaa Holqi Soof Umar isa tokko. Holqi kun Godina Baalee Aanaa Daawwee Qaachan keessatti argama. Finfinneerraas kiloomeetira 530 fagaata. Holqi Soof Umar golawwan garagaraafi balbala hedduu qaba. Holqa kana karaa balbala Aayyoo Makkoo jedhamuun seenu. Holqa kana keessatti, laga Weeyib jedhamutu jira. Laga kanas, iddoo torbatti ce'uun balbala Hulluuqaatiin ba'u. Balbala Hulluuqaatiin ba'uuf immoo kiloomeetira 15.6 miillaan deemuu gaafata.

Hawwata turiizimii Oromiyaan qabdu keessaa inni sadaffaa immoo, paarkiiwwani. Paarkiiwwan kunneenis kan akka Paarkii Biyyoolessaa Awaash, Paarkii Dhaatii Walal, Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baaleefi Baabbilee maqaa dhahuun nidanda'ama. Paarkii Awaash Godina Shawaa Bahaa Aanaa Fantaallee keessatti argama. Paarkii Dhaatii Walal immoo, Godina Qeellam Wallaggaatti argama. Paarkii Baabbilee naannoo Oromiyaafi naannoo Sumaalee gidduutti argama. Paarkii

Biyyoolessaa Gaarreen Baalee immoo Godina Baalee Aanaa Diinshoo keessatti argama. Paarkiiwwan kanneen keessa bineensota hoosisan, allaattiiwwaniifi bineensota lafarra loo'an akaakuu garagraatu argamu. Akkasumas, akaakuu mukkeenii hedduun paarkiiwwan kanneen keessatti ni'argamu.

Hawwata turiizimii Oromiyaan qabdu keessaa inni afraffaan harawwani. Harawwan kanneen keessaa muraasni hara Shaallaa, Abijaataa, Langaanoo, Dambal, Basaqaafi Wanciifaa maqaa dhahuun nidanda'ama. Walumaagalatti, Oromiyaan iddoowwan hawwata turiizimii ta'an kanneen dinagdee biyyaa utuban hedduu qabdi.

Gilgaala 6. Gaaffilee armaan gadii dubbisarratti hundaa'uun akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Balballi seensaa Holqa Soof Umar maal jedhamee waamama?
A. Hulluuqaa B. Aayyoo Makkoo C. Qaachan
2. Holqi Soof Umar seensarraa kaasee hamma bahiinsaatti hagam dheerata?
A. kiloomeetira 15.6 B. meetira 15,600 C. A fi B
3. Wantoonni hawwata tuuristootaa ta'an biyya keenyaaf bu'aa maal argamsiisu?
4. Bakkeewwan hawwata turiistootaa ta'anirra miidhaan akka hingeenye haala kamiin kunuunfamuu qabu?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

A. Haala fakkeenya kennameen jechoota himoota armaan gadii keessatti jala sararamaniif hiika galumsaa isaanii barreessi.

Fakkeenya,

Abbaan murtii seera mure. murtii dabarse

Caalaan mukarraa eertoo mure. irraa kute

1. Bosona naannoo keenyaa kan barbadeesse ibidda.
2. Lammeessaan erga yunivarsiitii seenee ibidda ta'e.
3. Bishaan qulqullina keenya ittiin eeggachuuf nu gargaara.
4. Tolasaan osoo karaa deemuu bofa argee bishaan ta'e.
5. Abbaan kiyya jibichi akka gabbatuuf tume.
6. Poolisiin hattuu tume.
7. Caffeen Oromiyaa yaa'ii gaggeessuun seera tume.

B. Jechoota kanaa gadii fakkeenya dhiyaaterratti hundaa'uun birsagatti qoqqoodi.

Fkn. mana = /ma/na

ilkaan = /il/kaan

gammoojjii = /gam/mooj/jii

midhaan = mi/dhaan

1. turistoota _____
2. daawwachuu _____
3. qabeenyaa _____

4. gaarreen _____
5. teessuma _____
6. dhaddacha _____
7. kunuunsuu _____
8. harawwan _____

Barannoo 4:

Barreessuu

Gilgaala 8

A. Yaada ka'umsaa kenname fayyadamuun durdurii jalqabame keeyyata tokkoon barreessi.

Sardiidoofi Simbira

- Guyyaa tokko sardiidoofi simbirroon waliin imala deeman
- Foon xiqqoo argatan
- Simbirroon jalaa fudhattee muka irra qubatte.
- Sardiidoon ni'aarte.
- Sardiidoon mala barbaadde.
- Ani foon hinbarbaadu; sagalee tee bareedduu sanaan naa weeddisi jette.
- Simbirroonis weeddisuuf afaan banatte.
- Foon afaan keessaa bu'e.
- Sardiidoonis foonicha itti utaaltee fudhattee nyaatte .

Guyyaa tokko sardiidoofi simbirroon osoo waliin deemaa jiranuu foon xiqqoo takko argatan. Simbirroonis daftee jalaa fudhattee mukarra qubatte. Sardiidoonis, foon waliin argatan sinbirroon jalaa

.....
.....

B. Haala fakkeenya kennameen himoota armaan gadii keessaa sababaafi bu'aa adda baasii barreessi.

Fakkeenyaaf,

Caaltuun waan sirriitti qo'atteef, qabxii olaanaa galmeessiste.

Sababa -waan sirriitti qo'atteef,

Bu'aa - qabxii olaanaa galmeessiste.

Sababni : dhimma gocha/taatee tokkoof ka'umsa ta'eedha.

Bu'aan : taatee tokkorraa argamuu kan agarsiisudha.

1. Biqiltuu baay'een waan dhaabameef, rooba gaarii arganne.
2. Obbo Daadhiin gorsa ogeeyyii qonnaa hojiirra oolchuun oomisha gaarii argate.
3. Gorsa ogeeyyii fayyaa yoo hojiirra oolchine, weerara Vaayiresii Koronaarraa baraaramuu dandeenya.
4. Irbaata osoo hin nyaatiin waan buleef, baay'ee beela'e.
5. Bosonni waan manca'eef, hongeen hammaate.

C. Haala fakkeenya kennameen gaaleewwan armaan gadii gabaabsii barreessi.

Fakkeenya,

Hubachiisa ___ Hub.

Fakkeenya ___ Fkn.

Waldaa Misooma Oromiyaa ___ W.M.O.

Gabaajee: Qubee jalqabaa jechootaa funaanuun kaa'uudha. Fakkeenyaaf, gaalee 'Waldaa Misooma Oromiyaa' jedhu keessaa qubeewwan jalqabaa funaanuun W.M.O jennee kaa'uu dandeenya.

Kottoonfachiisuun: Jecha tokko keessaa qubeewwan hir'isuun jechicha kottoonfachiisuun kaa'uudha. Fakkeenyaaf, jecha 'Fakkeenya' jedhu kottoonfachiisuun 'Fkn.' jennee kaa'uu dandeenya.

1. Waajjira Eegumsa Fayyaa Aanaa Dubulluq
2. Biiroo Qonnaafi Qabeenya Uumamaa Oromiyaa
3. Lakkoofsa
4. Waldaa Qonnaan Bulootaa Lummee Adaamaa
5. Dubartii
6. Dhiira
7. Waldaa Barsiisota Oromiyaa
8. Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Adoolaa
9. Yuunvarsiiitii Haramaayaa
10. Barnootafi Leenjii Teekinikaafi Ogummaa
11. Bitootessa

Barannoo 5: Caasluga

Matimaafi Gochima

Gilgaala 9

A. Ibsaafi fakkeenya kenname hordofuun himoota armaan gadii keessaa matimaafi gochima adda baasi.

Fakkeenya,

a. *Daa'imni aannan dhugde.*

Hima kana keessatti 'Daa'imni' kan jedhu **matima** yommuu tahu, 'dhugde' kan jedhu immoo, **gochima**.

b. *Bishaan dhangala'e.*

Hima kana keessatti 'Bishaan' kan jedhu **matima** yommuu tahu, 'dhangala'e' kan jedhu immoo, **gochima**.

Yaadannoo

Matimni hima keessatti kan gocha tokko raawwate yookiin kan waa'een isaa dubbatamu. Gochimni garuu, gocha raawwatame kan agarsiisudha. Hima Afaan Oromoo keessatti matimni jalqaba himaarratti argama; gochimni garuu xumurarratti dhufa.

1. Barattoonni hojmanee hojjatan.
2. Loon marga dheedu.
3. Lagni Weyib guute.
4. Caaltuun gara Yaaballoo deemte.
5. Barsiisaan Afaan Oromoo barsiise.
6. Dureettiin konkolaataa bitte.
7. Bofiti du'e.

B. Himoota armaan gadii keessatti matima hammattuu keessatti kenname sirreessuun barreessi.

Fakkeenyaaf,

- a. _____Adaamaa keessa jiraata (Sanyii)
Sanyiin Adaamaa keessa jiraata.
 - b. _____mukarra bula (Jaldeessa)
Jaldeessi mukarra bula.
 - c. _____Dhidheessaa guddaadha. (Laga)
Lagni Dhidheessaa guddaadha.
1. _____foon soorata. (Waraabessa)
 2. _____mukarra teessi. (Qamalee)

3. _____ summii qaba. (Bofa)
4. _____ baala nyaata. (Arba)
5. _____ mana ijaarrate. (Bultum)

C. Jechoota armaan gadiin hima ijaari.

Fakkeenyaaf,

Odaa **Odaan** mallattoo eenyummaa Oromooti.

Kuulanii _____

Abdiisaa _____

saree _____

adurree _____

bishaan _____

BOQONNAA 6: ARAADAAFI MIIDHAA ISAA

Boqonnaa 'Araadafi Midhaa Isaa' jedhu kana jalatti dubbisa mata dureen isaa 'Miidhaa Araada Tamboo Xuuxuu' jedhu dhaggeeffachuufi dubbisa mata dureen isaa 'Araada Miidiyaa Hawaasaafi Miidhaa Isaa' jedhu dubbisuuf deemta. Kana malees, barannoowwan adda addaa mata dureewwan bu'uura godhachuun qophaa'an kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaa, hibboofi afoola nibaratta. Kanaafuu, xiyyeeffannoon hojjechuun sirraa eegama.

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhaggeeffachuun yaada dimshaashaafi callaa nihimta;
- yaada ijoofi callaa dubbisa dubbistee addaan baafta ;
- hiika jechoota galumsa irratti hundaa'uun nikennita;
- jechootaaf hiika fuulleefi dhokataa nikennita;
- jechoota sagalee dheeraa, gabaabaa, jabaa, laafaa, irra butaafi hudhaa qabaniin bakka yaada himaa niguutta;
- keeyyata jalqabame yaada sirrii ta'een nixumurta;
- hima salphaa ni'ijaarta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Miidhaa Araada Tamboo Xuuxuu



Gilgaala 1. Dubbisa dhiyaate osoo hindhaggeeffatin dura gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'achuun afaaniin deebisaa.

1. Fakkiin armaan olii maal agarsiisa?
2. Wantoota araada namatti ta'an maalfaa beekta?

Gilgaala 2. Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa himoota armaan gadii guuti.

1. Tamboon _____ nama qabsiisuun fayyaa namaa miidha.
2. Keemikaalonni tamboo keessatti argaman _____, _____ fi _____ dha.
3. Nikootiniin miidhaa _____ dabaluufi _____ onnee namaa jeequ danda'a.

Gilgaala 3. Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffilee kanaa gadiirratti gareen mariyachuun dareef afaaniin ibsaa.

1. Tamboo xuuxuun maaliif araada namatti ta'a?
2. Miidhaan nikootiniin namarraan ga'u maali?
3. Naannoo keetti, nama tamboo xuuxuun miidhaan irra gahe jiraa? Miidhaa akkamiitu irra gahe?

Barannoo 2: Dubbisuu



Gilgaala 4

Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate dubbisuun dura afaaniin deebisi.

1. Fakkiileefi mallattoowwan armaan olii maal agarsiisu?
2. Miidiyaaleen qunnamtii hawaasaa maal fa'i?
3. Miidiyaaleen qunnamtii hawaasaa faayidaafi miidhaa akkamii qabu jettee yaadda?
4. Hiikni jechoota asii gadii maali?
 - a. araada
 - b. miidiyaa hawaasaa
 - c. feesbuukii

Gilgaala 5.

Gaaffilee asii gadii dubbisa dhiyaate callisaafi saffisaan dubbisaa deebisi.

1. Araadni caalaatti dargaggoota hubu maali?
2. Araada miidiyaa hawaasaa kanneen jedhaman maalfa'i.
3. Miidiyaa hawaasaa sirnaan fayyadamuun bu'aa maalii qaba?

Araada Miidiyaa Hawaasaafi Miidhaa Isaa

Namoonni haalota adda addaa irraa kan ka'e araada adda addaaf saaxilamu. Haalonni kunneenis baay'een isaanii ilaalchuma namoonni araadaan qabaman kaasan irraa maddu. Akka ilaalcha isaanitti, araada addaaddaatiif saaxilamuundhiphuuballeessa; qofummaa irraanfachiisa; miira gammachuufi boqonnaa namaaf kenna kan jedhan fa'i. Kanarraa kan ka'e, namoonni araada adda addaa kanneen akka tamboo xuuxuu, dhugaatii alkoolii, qoricha sammuu namaa adoochu fayyadamuu, jimaa qama'uu, miidiyaa hawaasaafi kanneen kana fakkaataniif yoo saaxilaman bal'inaan mul'atu. Wantoota araada namatti ta'an kanniin keessaa kan irra caalaatti dargaggoota biratti mul'atu araada miidiyaa hawaasaa akka fakkeenyaatti ilaaluun nidanda'ama.

Akkuma dhugaatii alkoolii, tamboo xuuxuufi jimaa qama'uu miidiyaan hawaasaas araadaaf nama saaxila. Kunis, araada kanneen akka Feesbuukii, Iimoo, Telegramaafi kanneen kana fakkaatan dabalata. Namoonni araada kanaan qabaman hiriyyoota irraa adda bahuun qopha-galeeyyii ta'u. Firaafi hiriyyaa irraa adda bahuun namoota wal hinbeekneefi walitti dhufeenya hinqabne wajjin akka yeroo dabarsan taasisa. Akkasumas, yeroo sochii qaamaa itti hojjatan dhabsiisuun yeroo baay'ee mana keessa akka turan taasisa. Kun immoo, dhibee sammuuf akka saaxilaman taasisa.

Namoonni tokko tokko miidiyaa hawaasaa yeroo gabaabaaf fayyadamuuf jedhanii utuu hinbeekin sa'aatii dheeraa irraa turu. Isaan kunneen miidiyaa hawaasaa hanga barbaadamuu olitti sababa fayyadamaniif

yaadni isaanii cufti kompuutara yookiin bilbila sana wajjin walitti hidhamuun wantoota hedduu irraanfatu. Kanaafuu, yeroo hedduu miidiyaa hawaasaarratti dabarsuun balaa adda addaaf saaxilamu.

Akkuma araada tamboofi dhugaatii alkooliirraa ofeeggachuun nama irra jiraatu, araada miidiyaa hawaasaa irraas ofeeggachuuf wantoonni raawwatamuu qaban nijiru. Isaan keessaa muraasni araada miidiyaa hawaasaa keessaa ba'uuf tattaaffii taasisuu, odeeffannoo dhuunfaa nama hundumaatti mul'isuu dhiisuu, mul'ata qabaachuun hojii jireenya ofii itti mo'achuu danda'anirratti xiyyeeffachuun hojjachuufi miidiyaa hawaasaa filannoon fayyadamuu fa'i.

Kana jechuun garuu, miidiyaa hawaasaa fayyadamuun bu'aa hinqabu jechuu miti. Miidiyaan hawaasaa yoo sirnaan itti fayyadaman odeeffannoo wayitaawaa argamsiisa; hawaasummaa cimsa; akkasumas, beekumsaafi muuxannoo akka gabbifatan taasisa. Haaluma walfakkaatuun, dhimmoota barnootaaf itti fayyadamuufi bu'aalee teekinolojii waljijjiiruu keessatti ga'een inni qabu **laayyoo** miti.

Walumaagalatti, miidiyaan hawaasaa akkuma faayidaa qabu yoo sirnaan itti hinfayyadamne, gara araadaatti jijjiiramuun fayyadamtoota irra miidhaa geessisa. Kanaafuu, araadni miidiyaa hawaasaa akkuma araada kaanii fayyummaa jireenya namootaa kan miidhu waan ta'eef, seeraan itti fayyadamuun barbaachisaadha.

Gilgaala 6

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa oliirratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabate filadhu.

1. Wantoota armaan gadii keessaa kan araada namatti ta'uu danda'u kami?
 - A. tamboo xuuxuu
 - B. miidiyaa hawaasaa
 - C. dhugaatii alkoolii
 - D. hunduu deebiidha

2. Miidiyaa hawaasaa ilaalchisee kan sirrii ta'e kami?
- A. Yoo sirnaan itti hinfayyadamne, araadaaf nama saaxila.
B. Sirnaan yoo itti fayyadamne, odeeffannoo wayitaawaa argamsiisa. C. Afi B
3. Miidhaa miidiyaa hawaasaa kan hintaane kami?
- A. araada nama qabsiisuu
B. dandeettii yaadachuu hir'isuu
C. hawaasummaa cimsuu
4. Feesbuukiitti karaa sirrii ta'een fayyadamuun gaariidha.
- A. dhugaa B. soba
- B. Gaaffilee kanaa gadii dubbisarratti hundaa'uun dhuunfaan hojjadhuutii dareef dhiyeessi.**
1. Namoonni akka araadaan hinqabamne maal gochuu qabu?
2. Namoonni sa'aatii tokkoof miidiyaa hawaasaa fayyadamuuf jedhanii utuu hinbeekin sa'aatii dheeraa fayyadamu. Kun maaliif ta'e jettee yaadda?
3. Naannoo keetti, namoonni araada miidiyaalee hawaasaa keessaa kamiif caalaatti saaxilamu? Maaliif?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

- A. Fakkeenya kenname irratti hundaa'uun jechoota kennamaniif hiika fuulleefi hiika dhokataa barreessi.

Fakkeenyaaf,

- i. Caalaan *bishaan* dhuge.
- **Hiika fuullee:** waan dhangala'aa ta'e, kan dheebuu nama baasu

ii. Caalaan leenca argee **bishaan** ta'e.

- **Hiika dhokataa:** na'e/rifate/ sodaate jechuudha

1.a. Abdiin midhaan **tume**.

b. Tolasaan hattuu qabee **tume**.

2.a. Bulchaan laaqana **nyaate**.

b. Namichi sun qarshii koo **nyaate**.

3.a. Manni abbaa Magaal **ibiddaan** gubate.

b. Gatiin meeshaalee **ibidda** ta'e.

B. Jechoota armaan gaditti kennamaniif hiika fuulleefi hiika dhokataa barreessi.

Jecha

Hiikaa fuullee

Hiikaa dhokataa

1. harree

beellada fe'iisaa

dandeessuu

2. leenca

3. qamalee

4. bofa

5. haadha

C. Jechoota hiika fuulleefi hiika dhokataa qaban shan barreessuun dhiyeessi.

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8

A. Gaaffilee kanaa gaditti kennamaniif jechoota qubee sirriidhaan barreeffamaniifi kanneen bakka duwwaa kenname galuu danda'an filachuun deebisi.

1. Loon _____dheedu.

A. marga

B. margaa

C. maarga

D. mariga

2. Harmeen _____ bittee galte.
A. haduu B. hadu C. haaduu D. haadu
3. Magarsaan _____ nyaate.
A. daama B. daammaa C. damaa D. damma
4. Seerota tiraafikaa eeguun _____ konkolaataarraa nama oolcha.
A. baala B. ballaa C. balaa D. baallaa
5. Jijjiiramni qilleensaa bona _____ cimaa uuma.
A. obonboleetii C. obonboleettii
B. oboonboletii D. obonbooleetti
6. Garaan _____ fixee, _____ dide.
A. rafuu/raafuu C. raafuu/rafuu
B. raafu/rafuu D. rafu/rafu

B. Yaada keeyyata kanaa gaditti jalqabamee hafe, yaada sirrii ta'een xumuri.

Bosonni kanaan dura ture sababa adda addaatiin manca'eera. Kanarraa kan ka'e, biyyee gabbataan roobaan dhiqameera. Mukkeen gaaddisaaf ta'an waan hinjirreef, ho'i baay'ee cimeera. Rakkina kana maqsuuf, bosona manca'e deebisanii dhaabuun barbaachisaadha. Kanaafuu,

Barannoo 5: Caasluga**Hima Salphaa****Gilgaala 9**

A. Jechoota gabatee keessatti kennaman fayyadamuun himoota salphaa ijaari.

Fakkeenyaaf, Inni boru Finfinnee deema.

Isaan	loon	Kumsaan
Barattoonni	kitaaba	rafeera
keessummaadha	bite	jiru
galan	Ani	qo'ataa
Inni	deema	boru
Finfinnee		

B. Jechoota waljala darban sirreessuun hima ijaari.

Fakkeenyaaf,

jira / roobaa / Bokkaan - Bokkaan roobaa jira.

1. ga'eera / Yeroon / qorumsaa.
2. Awaash / guute / Lagni.
3. deemte / gabaa / Boontuun.
4. Tolashiin /gatte / qubeessa.
5. garagale / Konkolaataan.

Yaadannoo

Himni salphaan hima raawwii tokko qofa himuudha. Kana jechuun, himni salphaan gochima tokko qofa of keessaa qaba jechuudha

Fakkeenyaaf,

- Caalaan mana barumsaa deeme.
- Aagituun daree seente.

Himoota lamaan armaan olii keessa raawwiin jiru tokko tokko qofa. Fakkeenyaaf, hima jalqabaa keessa raawwiin jiru deemuu yommuu ta'u hima lammaffaa keessa immoo raawwiin jiru seenuudha. Kanaafuu, himoonni lamaan hima salphaadha.

C. Himoota sasalphaa ta'an shan barreessi.

BOQONNAA 7: HAASAA JIBBIINSAA

Boqonnaa Haasaa Jibbiinsaa jedhu kana jalatti dubbisa mata dureen isaa 'Jibbiinsa Sanyummaa' jedhu dhaggeeffachuufi dubbisa mata dureen isaa 'Haasaa Jibbiinsaa' jedhu dubbisuuf deemta. Kana malees, barannoowwan adda addaa mata dureewwan kanneen bu'uura godhachuun qophaa'an kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaa, caaslugaafi afoola nibaratta. Kanaafuu, xiyyeeffannoon hojjachuun sirraa eegama.

Bu'aalee barachuu

xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun ergaa isaa nihimta;
- dubbisa 'Haasaa Jibbiinsaa' jedhu dubbisuun yaada callaafi ijoo nihimta;
- miidhaa haasaan jibbiinsaa fidu adda nibaafata;
- rakkoo bu'uura ta'eef furmaata nibarbaadda;
- jechoota hiika isaanii waliin walitti nifiroomsita;
- walqabsiistota 'fi' fi 'garuu' fayyda muudhaan keeyyata nixumurta;
- walqabsiistota 'fi' fi 'garuu' fayyadamuun himoota walqabsiista;
- ergaa faaruu loonii nihimta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Jibbiinsa Sanyummaa

Gilgaala 1. Dubbisa siif dubbifamuuf deemu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.

1. Namoonni jibbiinsa waliif qaban irraa ka'uun, eenyummaa isaaniitiin yoo wal arrabsan sirriidha jettee yaaddaa? Maaliif?
2. Ati osoo eenyummaa keetiin si arrabsanii maaltu sitti dhaga'ama? Maaliif?

Gilgaala 2. Bakka duwwaa himoota armaan gadii barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa guuti.

1. Biyya Raashiyaa keessa namoota sanyii _____, _____ fi _____ tu jiraata.
2. Dargaggoon _____ jedhamus namoota _____ irraa barnootaaf garas deemanii jiraatan keessaa isa tokko.
3. _____ gocha isaatti aaree, " _____ ?" jedhee gaafate.

Gilgaala 3. Dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii gareen mariyachuun deebisaa.

1. Yaadni ijoon dubbisa dhaggeeffattanii maali?
2. Chaarlis Inistaagiraamii isaa maaliif cufate?
3. Ilaalcha Konkolaachisaafi hiriyyaa Chaarlis sanyummaa irratti qaban akkamitti ilaalta? Maaliif?

Barannoo 2:

Dubbisuu

Gilgaala 4. Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mariyachuun afaaniin ibsaa.

1. Namoonni maaliif haasaa jibbiinsaa tamsaasu?
2. Haasaa jibbiinsaan kan miidhamu eenyuu?
3. Hiikni jechoota asii gadii maali?
 - a. sanyummaa
 - b. ifaajee
 - c. jibbiinsa
 - d. miidhaa
 - e. tamsaasuu

Gilgaala 5. Gaaffilee armaan gadii dubbisa itti aanee dhiyaatu dubbisaa barreessuun deebisi.

1. Adda addummaan uumamaan namoota gidduu jiru maal fa'i?
2. Dureessa yookiin hiyyeessa ta'uun garaagarummaa uumamaan namoota gidduu jirudha.
 - A. dhugaa
 - B. soba
3. Haasaan jibbiinsaa miidhaa akkamii qaqqabsiisuu danda'a?
4. Hawaasni Oromoo nama haasaa jibbiinsaa raawwatu akkamitti ilaala?
5. Oromoon hammeenya Haasaa Jibbiinsaa yoo ibsu, maal jedhee mammaaka?

Haasaa Jibbiinsaa

Hawaasni addunyaa kanaa adda addummaa baay'ee qaba. Adda addummaan kun immoo uumamaan, bu'aa hojjiitiin yookiin filannoon kan argamu ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, namni kamiyyuu bifaan adii yookiin gurraacha ta'uun dhalachuu danda'a. Kun immoo, filannoon osoo hintaane, kan Waaqni uumamaan nama **dhangii'e**. Adda addummaan gama sanyiiitiin jirus akkasuma. Namni miseensa **sanyii** kamiyyuu ta'uuf karoorfatee dhalate hinjiru. Namni Oromoo, Sumaalee, Amaara, Chaayinaa yookiin Ameerikaa ta'uu **barbaadee** dhalate hinjiru. Kornayaanis yoo ta'e akkasuma. Qaama guutuun dhalachuufi qaama hir'uu qabaatanii dhalachuunis filannoo namaa miti. Gama birootiin, dureessa yookiin hiyyeessa ta'uun bu'aa ifaajee namaati. Amantii adda addaa hordofuunis, filannoofi mirga namoonni addunyaa kanaa **gonfataniidha**.

Haata'u malee, adda addummaa sanyii, bifaa, kornayaa, umrii, amantii, siyaasaa, miidhama qaamaa yookiin saaleessa sammuu qabaachuufi kanneen kana fakkaataniin jibbiinsi garee hawaasaa adda addaa gidduutti uumamuun yoo wal arrabsan nimul'ata.

Haasaan jibbiinsaa gochaa badii garaagarummaa bu'uureffatee namoota salphisuuf, qaanessuuf, yaaddeessuufi sodaachisuuf raawwatamuudha. Jibbiinsa kanas afaaniin yookiin barreeffamatti **maayii** ba'uun jibbiinsa nama dhuunfaa yookiin garee hawaasaaf qaban ibsachuuf gargaaramu. Kun immoo, gocha badaa tokkummaa diiguun hawaasa miidhu malee faayidaa tokkollee kan qabu miti. Oromoo biratti, namni nama biraa

gaddisiisuuf, aarsuuf, dheekkamuuf, sodaachisuuf arrabsootti fayyadamu akka nama salphoofi guddis-baddeetti ilaalama.

Miidhaan haasaan jibbiinsaa nama dhuunfaas ta'e hawaasa irra geessisu akka salphaatti kan ilaalamu miti. Haasaan jibbiinsaa hamilee namaa cabsa; hawaasa garaa walhanqisa; **laalaa** salphaatti hinfayyine qaqqabsiisuun walitti bu'iinsi akka uumamu taasisa. Kana irraa kan ka'e, Oromoon hammeenya haasaa jibbiinsaa yoo ibsu, 'Madaan arrabaa salphaatti hinfayyamu,' jedha.

Walumaagalatti, haasaan jibbiinsaa **haaloo** namoota gidduutti hora; jibba biqilcha; walballeessuuf sababa ta'a. Garaagarummaan hawaasni gama sabummaan, amantiin, siyaasaan, sanyiin, bifaan, haala qaamaafi kan biroon qabu kabajamuufi dinqisiifatamuu qaba malee arrabsoof ooluu hinqabu. Arrabsoon namaafi nama, lammiifi lammii, ollaafi ollaa, biyyaafi biyya, amantaafi amantaa walitti buusa. Kanaafuu, arrabsoon **burqaa** waldhabdee ta'uun diigumsa fiduu waan danda'uuf, balaaleffachuufi irraa ofqusachuun barbaachisaadha.

Gilgaala 6

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisa irratti hundaa'uun yaada sirrii ta'e "Dhugaa", kan sirrii hintaane immoo, "Soba" jechuun deebisi.

1. Adda addummaan bifaafi sanyii madda arrabsoo ta'uu hinqabu.
2. Namoonni filannoo isaaniitiin dureessa yookiin hiyyeessa ta'uu danda'u.
3. Namni nama arrabsu akka guddis-baddeetti ilaalama.
4. Haasaan jibbiinsaa garaagarummaa babal'isuun tokkummaa hawaasaa diiga.

B. Gaaffilee armaan gadiif deebii isaanii barreeffamaan deebisi.

1. Yaadni ijoo keeyyata tokkoffaa maali?
2. Yaadni ijoo keeyyata lammaffaa maali?
3. Yaadni ijoo keeyyata sadaffaa maali?
4. Arrabsoon maaliif gocha badiiti jedhame?
5. Laalaan arrabaa akka salphaatti hinfayyamu kan jedhame maaliif?
6. Haasaa jibbiinsaa hambisuuf maaltu ta'uu qaba jetta?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

Jechoota roga "A" jalatti kennaman hiika isaan dubbisa keessatti qaban kan roga "B" jala jiraniin walitti firoomsi.

"A"

1. dhang'i'e
2. sanyii
3. barbaadee
4. murtaa'aa
5. gonfatan
6. salphisuu
7. maayii
8. laalaa
9. haaloo
10. burqaa

"B"

- A. dhimma
- B. godaannisa
- C. ijaa
- D. madda
- E. qaanessuu
- F. argatan
- G. muraasa
- H. kenne
- I. qomoo
- J. fedhee

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8. Walqabsiistota 'fi' yookiin 'garuu' fayyadamuun keeyyata armaan gadii guutuu taasisi.

Gubbisni sirna maqbaasa ilma hangafaati. Moggaasni _____ sirna maqbaasa ijoollee dubraa _____ ijoollee dhiiraa kanneen maandhaa ta'aniiti. Jilli gubbisaa turtii yeroo guyyoota sadii hanga afurii fudhachuu danda'a. Jilli moggaasaa _____ halkanuma tokkotti xumurama. Turtiin jila gubbisaa yoo mucaan warra baallii Gadaa kennanii ta'e guyyoota sadiifudhata. Yoo mucaan warra baallii Gadaa harkaa qabu irraa kan dhalate ta'e _____ guyyoota afur fudhata.

Yaadannoo

Walqabsiistonni jechaafi jecha, gaaleefi gaalee, himaafi hima walqabsiisuun walitti dhufeenya yaada agarsiisu. Yaada isaan walqabsiisan irratti hundaa'uudhaan walqabsiistota ida'ama yaadaa agarsiisaniifi walqabsiistota yaada faallaa agarsiisan jechuun qooduun nidanda'ama. Walqabsiistota ida'ama yaadaa agarsiisan jalatti kan hammataman fi, akkasumas, kana malees, dabalataaniifi kkf. Walqabsiistonni yaada faallaa agarsiisuuf oolan immoo, garuu, haata'u malee, ta'us, ta'uyyuufi kanneen kana fakkaataan.

Barannoo 5: Caasluga

Walqabsiistota

Gilgaala 9.

A. Himoota armaan gadii fakkeenya kennaman irratti hundaa'uun walqabsiisi.

Fakkeenya,

- i. Tolasaan barataa cimaadha.
Firaa'ol barataa cimaadha.
 - Tolasaafi Firaa'ol barattoota ciccimoodha.
- ii. Finfinnee deemuun fedha.
Ani xiyyaara hinarganne.
 - Finfinnee deemuun fedha; garuu, xiyyaara hinarganne.

1. Huseen Adoola deeme.

Nadhiin Jimma deemte.

2. Lachiisaan kubbaa harkaa taphachuu jaalata.

Lachiisaan kubbaa saaphanaa taphachuu jaalata.

3. Badhaasaan nyaata aadaa nyaachuu jaalata.

Badhaasaan dhugaatii alkoolii hinjaalatu.

4. Kumashiin Yunivarsiitii Mattuutti barsiiftuudha.

Kumashiin Yunivarsiitii Mattuutti itti-gaafatamtuu dhimma kornayaati.

B. Himoota yaadaan walfakkaatan lama kan walqabsiistuu "fi" fudhataniifi himoota yaadaan walfaalleessan lama kan walqabsiistuu "garuu" fudhatan barreessi.

Barannoo 6: Afoola

Faaruu Loonii

Gilgaala 10

A. Faaruu loonii buufata lamaan armaan gaditti kennaman dubbisuun ergaa isaanii dareef ibsi.

Loon yaa loonishee

1. Looni yaa loonishee,
Loontu maal hintaanee
Dibatan miidhagsoo
Dhugan qabaneessoo
Waan loonii maaltu badaa ta'aa
Kotteen shinii ta'aa, kan bunaan dhuganii
Gaafni fal'aana ta'aa, kan marqaan nyaatanii
Erbeen itillee ta'aa, kan irra bulanii
Foon irbaata ta'aa, kan ittiin bulanii
2. Loowwan maal hintaanee
Loowwan gaafa shunee
Isin bannaan bannee; isin gallaan gallee
Looni yaa loonishee
Kan siqabu boonee
Kan sidhabe boo'ee

B. Faaruu loonii naannoo keetti faarfamu barreessuun ergaa isaa darreef ibsi.

BOQONNAA 8

HIV/EEDSII

Boqonnaa 'HIV/AIDS jedhu kana jalatti dubbisa mata dureen isaa 'Miidhaa Weerara Vaayirasii Koronaa' jedhu dhaggeeffachuufi dubbisa mata dureen isaa 'Miidhaa HIV/AIDS jedhu dubbisuuf deemta. Kana malees, barannoowwan adda addaa mata dureewwan bu'ura godhachuun qophaa'an kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaafi caaslugaa nibaratta. Kanaafuu, xiyyeeffannoon hojjachuun sirraa eegama.

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- yaada ijoo barruu dhaggeeffatte nihimta;
- miidhaa weerara vaayirasii Koronaa xiqqeessuuf yaada furmaataa nidhiyeessita;
- yaada ijoofi callaa barruu dubbistee adda nibaafata;
- jechoota adda addaaf hiika faallaa nikennita;
- caaccuulee barreeffama dheeraa adda nibaasta;
- barreeffama dheeraa nibarreessita;
- bamaqaa ramaddiifi qabeenya agarsiisan adda nibaasta;
- bamaqaa ramaddiifi qabeenya agarsiisaniin hima ni'ijaarta.

Barannoo 1:

Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Miidhaa Weerara Vaayirasii Koronaa



Gilgaala 1. Gaaffilee armaan gadii dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura deebisi.

1. Waa'ee koronaa maal beektu?
2. Fakkiin armaan olii maal agarsiisa?
3. Dhibeen Koronaa miidhaawwan akkamii qaqabsiisan jettanii yaaddu?


Gilgaala 2. Gaaffilee armaan gadii dubbisa dubbifamu dhaggeeffachaa deebisi.

1. Mallattoolee nama dhukkuba koronaan qabamerratti mul'atan warri ijoon maal fa'i?
2. Dhibeen koronaa umrii, kornayaa, sanyii fi amantaa osoo hingoodiin namoota hunda huba. (dhugaa/soba)
3. Dhibeen koronaa caalaatti namoota akkamii huba?
4. Karaan dhibee koronaa itti daddarbu maal fa'i?
5. Tooftaaleen weerara koronaa ittiin ofirraa ittisnu maal fa'i?

Gilgaala 3. Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Namoonni dhibee dabalataa qaban maaliif weerara koronaan caalaatti hubamu?
2. Weerara vaayirasii koronaan dhibee biraan biroorraa maaltu adda taasisa?

Barannoo 2: Dubbisuu



Gilgaala 4. Gaaffilee asii gadii dubbisaa dhiyaate dubbisuun dura gareen irratti mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Waa'ee dhibee Eedsii maalfaa beektu?
2. Eedsiin miidhaa maalfaa qaqqabsiisuu danda'a?
3. Fakkiin asiin olii dhukkuba Eedsii waliin akkamiitti wal qabaatu?

Gilgala 5.

Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa deebisi.

1. Eedsiin akkamitti dhibee garagaraatiif nama saaxiluu danda'a?
2. Karaa eedsiin itti daddarbu maal fa'i?
3. Vaayiresiin eedsii nama qabsiisu maal jedhama?
4. Namni eedsiin qabame dhibee biroof hinsaaxilamu.
(dhugaa/soba)
5. Meeshaaleen qara qaban kanneen eedsii daddabarsuu danda'an maal fa'i?

Miidhaa HIV/Eedsii

HIV/ Eedsiin dhibeewwan daddarboo miidhaa cimaa nama dhuunfaafi biyyarraan geessisaa jiran keessaa isa tokkodha. Dhibeen kun madiinummaa namni uumamaan qabu hubuudhaan dhukkuba garagaraaf salphaatti akka saaxilaman taasisa. HIV/ eedsiin karaa adda addaatiin namarraa namatti kan daddarbuufi kornayaa, umrii, amantaa, bakka, bifaafi sadarkaa beekumsaa osoo hinfilatin dhala namaa hunda du'aaf saaxila. Akkasumas biyya rakkoo adda addaaf saaxiluun miidhaa garagaraa qaqqabsiisa.

HIV/eedsiin karaa adda addaan namarraa namatti daddarba. Karaa dhukkubni kun ittiin daddarbu keessaa inni ijoon saal-qunnamtii ofeeggannoo hinqabne raawwachuudha. Kunis, osoo gaa'ela hingodhatiin saalqunnamtii raawwachuu, dhiirri yookiin dubartiin tokko namoota garagaraa wajjin ofeeggannoo malee saal-qunnamtii raawwachuufi kaanneen kana fakkaatu dabalata.

Karaa Eedsiin ittiin darbu inni biraan immoo, meeshaalee qara qaban kan namoonni biroon itti fayyadamanitti fayyadamuudha. Meeshaalee qara qaban kanneen akka lilmoo, qabduu ilkaanii, mutaa, qarabaafi kanneen kana fakkaatan namoota dhiigni isaanii vaayirasii HIVtiin faalame waliin yoo fayyadaman gara nama fayyaatti dabarsuu danda'u . Kanaafuu, ogeessa yaalaatiin ala lilmoo waraannachuun, meeshaalee namoonni biroo itti fayyadamaniin rifeensa haaddachuun, ilkaan rigachuun, akkasumas qeensa qorachuun dhibee eedsiif salpaatti nama saaxila jechuudha.

Eedsiin dhibee nama dhuunfaa, hawaasaafi biyyarra miidhaa guddaa geessisuudha. Hunda dura, qaama dhibamaa dadhabsiisa. Kun immoo, dhukkuboota biroo kanneen akka qufaafi dhukkuba sombaaf salphaatti isa saaxiluu danda'a. Yeroo qabamus irraa dandamachuun itti ulfaata. Kanaafuu, dhukkuboota salphaatti yaalamani fayyuun danda'amuun lubbuu ofii dhabuu danda'a.

Miidhaa eedsiin geessisu inni biroon, miidhaa dinagdee sadarkaa biyyaatti mudatuudha. Namoonni Eedsiidhaan qabaman hedduun kanneen umrii oomishtummaa keessatti argamaniidha. Namoonni umrii kana keessatti argaman heddumminaan yemmuu qabaman oomishni biyyaa nihubama.

Walumaagalatti, Eedsiin dhibee hamaa lubbuu dhala namaa gaaga'uufi dinagdee biyyaa miidhuudha. Humna oomishaa kan xiqqeessuufi ijoollee maatii malee kan hambisu, manguddoota kunuunsa kan dhabsiisudha. Hanga ammaatti talaalliis ta'ee dawaan hinargamne. Dhibee kanaan qabamnaan fayyuun hindanda'amu. Kanaafuu, dhibee kanarraa of eeguun mataa ofii, maatiifi biyya ofii baraaruun barbaachisaadha.

Gilgaala 6

A. Gaaffilee armaan gadii dubbisarratti hundaa'uun deebii isaanii barreeffamaan kenni.

1. Yaadni ijoo keeyyata lammaffaa maali?
2. Yaadni ijoo keeyyata sadaffaa maali?
3. Eedsiin haala kamiin dinagdee biyyaa miidha?

B. Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin dareef gabaasaa.

1. Dhibee Eedsii irraa attamitti of eeguun danda'ama?
2. Naannoo keessanitti namni dhibee Eedsiin qabame jiraa? Yoo jira tahe rakkoo maalfaatu isa/ ishee mudate?
3. Namoota Eedsiin qabamaniif deeggarsa attamiitu godhamuufii qaba jettu?

Barannoo 3:

Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

A. Jechoota armaan gadiif hiika faallaa ta'an kanneen gabatee keessatti kennaman keessaa filachuun walitti froomsi.

dhukkubsachuu	qulqulleessuu	dhoksuu
miidhuu	gargaaruu	ittisuu
		muraasa

1. hubuu _____
2. dandamachuu _____
3. hedduu _____
4. faaluu _____

5. baraaruu _____
6. daddabarsuu _____
7. saaxiluu _____

B. Jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika fakkaattii isaanii kenni.

1. gaaga'uu _____
2. kunuunsuu _____
3. dhibee _____
4. qorachuu _____
5. mudachuu _____
6. miidhaa _____

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgala 8

Gumee waa'ee Vaayirasii Koronaa gaditti kenname fayyadamuun barruu keeyyata sadi qabu barreessi. Caacculee keeyyatichaas baasi.

Mata duree _ Weerara Vaayirasii Koronaa

1. Keeyyata seensaa

- maalummaa koronaa
- qaamota koronaaf saaxilamuu danda'an
- haala itti daddarbuufi ittifamu qabaachuu

2. Keeyyata lammaffaa

- 2.1. Karaalee Koronaan ittiin daddarbu
 - hafuura
 - tuttuqqaa
- 2.2. Malleen ittisa Koronaa

- haguuggii fayyadamuu
- alkoolii yookiin saanitaayizara fayyadamuu
- harka saamunaan dhiqachuu
- fageenya ofii eeggachuu

3. Keeyyata Goolabaa

- Maalummaa vaayirasii koronaa
- Karaalee Koronaan ittiin daddarbu
- Malleen ittisa koronaa

Fakkeenyaaf,

Weerarri vaayirasii Koronaa (Koovid -19) yeroo ammaa dhukkuboota addunyaa kana yaadessaa jiran keessaa isa tokko. Dhibeen kun umrii, korniyaa, sanyiifi amantaan osoo hinqoodin namoota hunda huba. Caalaatti immoo, namoonni dhibee sombaa, shukkaaraa, dhiibbaa dhiigaafi kkf qaban dhibee kanaan saaxilamoo tahu. Weerarri kun karaa ittiin daddarbuufi tooftaa ittiin ofirraa ittisan qaba. Weerarri vaayirasii Koronaa karaa adda addaa daddarba.

.....

.....

.....

.....

Weerara vaayirasii Koronaa mala adda addaan ofirraa ittisuun nidanda'ama.....

.....

Walumaagalatti,.....

Yaadannoo

Barreeffamni dheeraan caacculee adda addaa of keessatti qabata. Isaanis, keeyyata seensaa, keeyyata qaamaafi keeyyata goolabaa jedhamu.

Keeyyata seensaa: Yaada barreeffama seensaa keessa jiru kan saaquudha. Yaada keeyyatoota qaamaatiif karaa kan saaquudha.

Keeyyata qaamaa: Keeyyanni qaamaa yaada keeyyata seensaa keessatti eerame babal'isee kan dhiyeessuudha. Keeyyanni qaamaa tokkoo ol ta'uu nidanda'a.

Keeyyata goolabaa: Keeyyanni goolabaa yaadota keeyyata qaamaa keessatti ibsaman irra deebi'ee cuunfee kan ibsuudha.

Barannoo 5: Caasluga

Bamaqaalee Qabeenyaafi Bamaqaalee Ramaddii

Gilgaala 9

A. Fakkeenyaafi ibsa kenname irratti hundaa'uun himoota armaan gadii keessaa bamaqaalee qabeenya agarsiisan jala sarari.

Fakkeenyaaf,

- a. Caaltuun kitaaba kiyya ergifatte.
 - b. Barreeffamni kee baay'ee bareeda.
 - c. Duubeefi Darmiin daree isaanii qulqulleessan.
 - Himoota armaan olii keessatti jechoonni jala sararaman
 - bamaqaaleedha. Bamaqaaleen kunniinis qabeenya agarsiisu.
1. Kobbeen kiyyaafi kan hiriyyaa tiyyaa walfakkaataadha.
 2. Uccuun keenya walfakkaata.

3. Mootuun kitaaba ishee Tolaaf ergiste.
4. Barattoonni keenya ijoollee sababa HIV/Eedsiin maatii isaanii dhaban gargaaran.
5. Jiloon abuyyaa isaa waliin mana keenya dhufe.

B. Bamaqaalee saanduqa keessatti kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa guuti.

keenya isaanii ishee koo isaa

1. Karoorri _____ guddaadha. Barattee barsiistuu tahuu barbaaddi.
2. Mucichi koronaan qabameera; kanaafuu, qoonqoon _____ madaa'uu hinoolu.
3. Nuti mana barnootaa _____ keessa biqiltuu dhaabne.
4. Ani bara jireenyaa _____ nama kijibuu waliin hiriyyoomuu hinfedhu.
5. Obboleessi _____ fi obboleettiin _____ erga walfuudhanii aniifi inni soddaa ta'uu _____.

C. Fakkeenyaafi ibsa kenname irratti hundaa'uun himoota armaan gadii keessaa bamaqaalee ramaddii jala sarari.

Fakkeenyaaf,

- a. Abdiisaan isa waame.
- b. Isheen kitaaba dubbisti.
- c. Ani kitaaba Afaan Oromoo dubbisuun jaalladha.
- d. Nuyi kitaaba Afaan Oromoo dubbisuu jaallanna.
- e. Ati kubbaa taphachuu nijaallattaa?
- f. Harmeen isin waamaa jirti.

- Himoota armaan olii keessatti kan jala sararaman bamaqaaleedha. Bamaqaaleen ramaddii sadii qabu. Isaanis ramaddii tokkoffaa, lammaffaafi sadaffaadha.

- Ramaddii tokkoffaa = **ana, nu**
- Ramaddii lammaffaa= **si, isin**
- Ramaddii sadaffaa= **isa, ishee, isaan**

1. Inni aannan dhuguu jaallata.
2. Caaltuun jabaadhaa baradhaa jettee nu gorsite.
3. Isin buna Wallaggaa bitan.
4. Adaabbaa, Dodolaafi Asaasan godina Arsii Lixaa keessatti argamu. Isaan hunduu oomisha qamadiin beekamu.

D. Haala fakkeenya kennameen jechoota armaan gadii horsiisi.

	ani	nuyi	ati	isin	inni	Isheen	isaan
deemuu	deeme	deemne	deemte	Deemtan	deeme	Deemte	deeman
rafuu	rafe	rafne	rafte	Raftan	rafe	Rafte	rafan
Muruu							
Qaluu							
Bituu							
waamuu							
Baruu							

E. Bamaqaalee armaan gadiitiin hima ijaari.

1. kee
2. isaanii
3. isaa
4. tiyya
5. ishee

BOQONNAA 9: BARMAATILEE HAWAASAA

Boqonnaa 'Barmaatilee Hawaasaa jedhu kana jalatti dubbisa mata dureen isaa 'Buusaa-Gonofaa' jedhu dhaggeeffachuufi barreeffama matadureen isaa 'Dhagna Qabaa Shamarranii jedhu dubbisuuf deemta. Kana malees, barannoowwan adda addaa mata dureewwan bu'ura godhachuun qophaa'an kanneen akka barreessuu, fayyadama jechootaafi caasluga nibaratta. Kanaafuu, xiyyeeffannoon hojjachuun sirraa eegama.

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- dubbisa dhaggeeffachuun waan hubatte nihimta;
- yaada ijoofi callaa dubbisaa addaan baasta;
- miidhaa dhaqna qabaan shamarran irraan gahu nitarreessita;
- jechoota hiikaan walfakkaatan addaan nibaasta;
- yaada kenname fayyadamuun barruu keeyyata sadii qabu nibarreessita;
- hennaa raawwii yeroo ammaa ta'aa jiru agarsiisaniin hima ni'ijaarta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Buusaa-Gonofaa

Gilgaala 1. Gaaffilee asii gadii dubbisa isiniif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gareen mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Naannoo keessanitti hawaasni namoota rakkatan akkamitti gargaaru?
2. Jarmiyaan walgargaarsa naannoo keessanitti argamu kan akkamiiti?
3. Hiikni jechoota asii gadii maali?
 - a. jarmiyaa
 - b. buusaa
 - c. gonofaa
 - d. miiloo
 - e. qeencaa

Gilgaala 2. Deebii gaaffilee asii gadii dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa barreessuun deebisi.

1. Gadaa keessatti, Oromoon _____ harka-qalleeyyii dinagdeen akka ofdanda'an ittiin taasisu qaba.
2. _____ deeggarsa lubbuu baraaruuf nama balaan irra ga'e nyaataafi dhugaatiin dhaqabuuti.
3. _____ ammoo, nama rakkate ofdandeessisuuf gargaarsa horii qeencaa kanneen akka loonii, hoolaa, re'eefi miiloofi gosaan taasifamuudha.
4. Gonofaan gargaarsa _____ karaa gosaatiin nama rakkate ofdandeessisuuf kennamuudha.

Gilgaala 3. Deebii gaaffilee armaan gadii dubbisa dhaggeeffatte irratti hundaa'uun afaaniin kenni.

1. Dubbisa dhaggeeffatte irraa maal hubatte?
2. Jarmiyaan walgargaarsaa kan akka Buusaa-Gonofaa jiraachuun hawaasaaf bu'aa maal qaba jettee yaadda?
3. Dubbisa dhaggeeffatte kana keessaa maaltu sitti tole? Maaliif?

Barannoo 2: Dubbisuu

Gilgaala 4. Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhiyaate osoo hindubbisiin deebisi.

1. Barmaatileen hawaasaa miidhaa geessisan maal fa'i?
2. Dhaqna qabaan shamarranii faayidaa moo miidhaa qaba jetta? Maaliif?'

Gilgaala 5. Gaaffilee armaan gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa deebisi.

1. Miidhaa dhaqna qabaan shamarran irraan gahu keessaa lama barreessi.
2. Ilaalchonni dogoggoraa dhaqna qabaa shamarraniin walqabatee jiran maal fa'i?
3. Dhaqna qabaa hambisuuf maaltu raawwatamuu qaba jettee yaadda?

Dhaqna Qabaa Shamarranii

Barmaatileen hawaasaa miidhaa geessisan hedduutu jiru. Isaan keessaa inni tokko, dhaqna qabaa shamarraniiti. Dhaqna qabaan shamarranii ilaalcha dogoggoraa garaagaraa irraa madda. Miidhaa garagaraas qaqqabsiisa.

Dhaqna qabaan shamarranii miidhaa hedduu qaba. Fakkeenyaaf, yeroo qaamni shamaarranii muramu meeshaan ittiin muran sun vaayirasii HIV/eesdii daddabarsuufi dhukkuba teetaanasii qabsiisuu danda'a. Akkasumas, dhiigni baay'een akka dhangala'u waan godhuuf, dhibee hamaaf saaxila. Kun immoo, yeroo da'umsaa rakkoof akka saaxilamtu taasisa. Dubartiin dhaqna qabatte tokko ulfooftee gaafa dahumsaa qaamni murame sun irra deebi'ee tarsa'uun balaa hamaa irraan gaha. Sababa kanaan, lubbuu haadhaas ta'ee kan daa'ima gaaga'uu danda'a. Kana malees, qaamni shamarran uumamaan qaban yeroo muramutti miidhaan xiinsammuu isaanirra gahu salphaa miti. Miidhaa dhaqna qabaan shamarranii qaqqabsiisu hubaatii qaamaafi xiinsammun cinaatti fedhii dubartoonni saalqunnamtiif qaban hir'isuun gaa'ela isaanii irrattis dhiibbaa qaba.

Dhaqna qabaan shamarranii ilaalchawwan adda addaa irraa madda. Isaan keessaa inni tokko, "Durbi yoo dhaqna qabachuu baatte meeshaa caccabsiti; jarjartuu taati; safuu hawaasaa kan hinbeekne taati," jedhu. Haata'u malee, dhaqna qabaan ilaalchawwan kanneen waliin hariiroo hinqabu.

Kanaafuu, dhaqna qabaan shamarranii miidhaa hamaa geessisuu malee faayidaa tokkollee hinqabu. Kun waan mirkanaa'eef, biyyoonni hedduun seeraan dhorkanii jiru. Biyya keenyaa keessattis, namni shamarran dhaqna qabeefi qabsiise seeraan gaafatama; ni'adabamas.

Walumaagalatti, dhaqna qabaan shamarranii gocha badaafi miidhaa geessisuudha. Gochi shamarran dhaqna qabuu kunis ilaalcha dogoggoraa

irraa kan madduudha. Kanaafuu, namoonni miidhaa dhaqqabu kana hubachuun barsiifata kana dhiisuu qabu. Mootummaanis, hawaasaaf hubannoo walirraa hincinne kennuu qaba. Namoota gocha kana raawwatanis ta'ee raawwachiisanii argaman irratti tarkaanfii fudhachuu qaba.



Gilgaala 6. Gaaffilee armaan gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin dareef gabaasaa.

1. Naannoo keessanitti dhaqna qabaan shamarranii hafeera moo hinhafne? Yoo hinhafne tahe, maaliif hafuu dide?
2. Ilaalchi, "Durbi yoo dhaqna qabachuu baatte meeshaa caccabsiti," jedhu hawaasa naannoo keessanii biratti akkamitti ilaalama?
3. Ati naannoo keetti osoo nama shamarran dhaqna qabsiisuuf deemu agartee, maal goota?
4. Dubbisa armaan olii irraa maal hubatte?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7.

Hiika galumsaa jechoota himoota gadii keessatti jala sararamanii filadhu.

- Huuba qoonqoo mursiisuu faana dhibeewwan hedduutu dhufuu danda'a.
A. duukaa B. kottee C. dura
- Miila qullaa waan deemuuf, faana isaa qoreen waraantee.
A. jilba jala B. miila jala C. harka jala
- Huuba qoonqoo muruudhaan qaamni daa'ima akka dhiigu gochuun dhibee adda addaaf saaxila.
A. hir'achuu B. huqqachuu C dhangala'an keessaa bahuu.
- Mootiin gara jabeessa; yoo namni biratti rakkatellee namaaf dhiiguu hinbeeku.
A. hinkennu/hingargaaruu
B. hinsobu/hinkijibu
C. hinwaakkatu/ hinqusatu
- Huuba qoonqoo yoo muran qoonqoo daa'ima madeessa.
A. fayyisa B. miidha C. bal'isa
- Jechi nama tokko tokkoo baay'ee nama madeessa.
A. gammachiisa B. jagnoomsa C. aarsa

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8. Odeeffannoo gaditti kenname fayyadamuun mata duree "Miidhaa Huuba Qoonqoo Muruu" jedhurratti keeyyata sadii barreessuun ibsi.

Ka'umsa - ilaalcha dogoggoraa jiru

- dhiitahuu huuba qoonqoo hambisa jedhanii yaaduu
- dhibee toonsilii ittisa jechuun yaaduu
- fedhii nyaataa dabala jechuun yaaduu
- garaa kaasaafi haqqee hambisa jechuun yaaduu

Miidhaa geessisu

- qoonqoo madeessuu
- eedsiif saaxiluu
- dhiigni garmalee dhangala'uu

Barannoo 5: Caasluga

Ammeennaa

Gilgaala 9

A. Fakkeenyaafi ibsa kenname hubachuun himoota armaan gadii gaalee gocha yeroo ammaa raawwatamu agarsiisu jala sarari.

Fakkeenyaaf,

- a. Jaalanneen gara mana barnootaa deemaa jirti.
 - b. Isaan hojimanee hojjatanii jiru.
 - c. Boonaan ittoo qopheessuu jaallata.
- Himoota armaan olii keessatti gaaleewwan jala sararaman ammeennaa yookaan gocha yeroo ammaa raawwatamu agarsiisu.

Hima 'a' keessatti deemaa jiraachuu, hima 'b' keessatti isaan barreessanii jiraachuufi hima 'c' keessatti qopheessuu jaallachuu agarsiisa. Kanaaf, raawwiin amma taasifamu **Ammeennaa** jedhama.

1. Mootiifi Mootuun kutaa keessa taa'aa jiru.
 2. Bokkaan roobaa jira.
 3. Nuti Afaan Oromoo barachaa jirra.
 4. Ijoolleen dirree keessa taphachaa jiru.
 5. Abbaan warraafi haati warraa karoora maatii irratti mariyatani jiru.
- B. Himoota gocha amma raawwatamaa jiru agarsiisan shan barreessi. Gaalee ammeennaa agarsiisu jala sarari.**

BOQONNAA 10: DUBARTOOTA GAHOOMSUU

Boqonnaa 'Dubartoota Gahoomsuu' jedhu kana jalatti dubbisa mata dureen isaa 'Dubartoota Barsiisuu' jedhu dhaggeeffachuufi dubbisa mata dureen isaa 'Piroofeeser Kuwee Kumsaa' jedhu ammoo, dubbisuuf deemta. Kana malees, barannoowwan adda addaa mata dureewwan bu'uura godhachuun qophaa'an kanneen akka faayidaa jechootaa, barreessuufi caasluga nibaratta. Kanaafuu, xiyyeeffannoon hojjachuun sirraa eegama.

Bu'aalee barachuu

Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:

- barruu dhaggeeffatte irraa waan hubatte ni'ibsita;
- barruu dhiyaate dubbisuun yaada ijoofi callaa adda baafta;
- dubartoota hojii isaaniin fakkeenya ta'an nidingisiifatta;
- jechoota waliin deeman walitti firoomsita;
- seenaa nama dhuunfaa beektu tokkoo nibarreessita;
- hima keessaa antima kallattiifi alkallattii nibaafta;
- antima kallattiifi alkallattii fayyadamuun hima ni'ijaarta;
- hiika mammaaksota adda addaa nikennita.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Dubartoota Barsiisuu

Gilgaala 1. Gaaffilee asii gadiirratti gareen mariyachuun afaaniin deebisaa.

1. Dubartoonni naannoo keessanitti barumsaan beekaman eenyufaa beektu?

2. Dubartoonni kunniin akkamitti sadarkaa kanarra ga'an jettee yaadda?

Gilgaala 2. Deebii gaaffilee asiii gadii dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa barreessuun deebisi.

1. Dubartoota gahoomsuuf hojiiwwan hojjatamuu qaban keessaa inni bu'uuraa _____dha.
2. Dubartoota barsiisuun ofiifis tahe guddina biyyaaf faayidaa maal qaba?
3. Kallattii afran walqixxummaan barnootaa dubartootaaf ittiin mirkanaa'uu qabu maal fa'i?
4. Dubartoota barsiisuu dhiisuun miidhaa maal qaba?

Gilgaala 3. Gaaffilee asiii gadii dubbisa dhaggeeffattan irratti hundaa'uun gareen mariyachuun deebisaa.

1. Naannoo keessanitti dubartoonni dhiiraan qixa carraa barachuu akka hinarganne dhimmoonni taasisan maal fa'i?
2. Shamarran mana barnootaa erga seenanii booda deeggarsi taasifamuufii qabu maal fa'i?
3. Dubartoota gahoomsuuf hojiiwwan hojjatamuu qaban keessaa inni bu'uurri barumsa yoo jedhamu maaliif sitti fakkaata?

Barannoo 2:

Dubbisuu



Piroofeesar Kuwee Kumsaa

Gilgaala 4. Gaaffilee kanaa gadii afaaniin deebisi.

1. Naannoo keessanitti, dubartoota barnootaan ciccimoo ta'an eenyufaa beektu?
2. Waa'ee Piroofeeser Kuwee Kumsaa maal fa'a beekta?

Gilgaala 5. Deebii gaaffilee armaan gadii dubbisa dhiyaate dubbisaa barreessuun deebisi.

1. Piroofeeser Kuween yoom dhalatte? Bakki dhalootaa ishee hoo?
2. Abjuun Piroofeeser Kuwee injiinera tahuuf qabdu maaliif osoo hinmilkaa'iin hafe?
3. Piroofeeser Kuween cunqursaa dubartootarra gahaa ture adda durummaan balaaleffachaa turte. (dhugaa/soba)
4. Kuween rippoortera gaazexaa Bariisaa yommuu turte gaazexaarratti dhimma maal ilaallatu qopheessaa turte?
5. Kuween akkamitti gara biyya Kanaadaa dhaquu dandeesse?

Piroofeeser Kuwee Kumsaa

Piroofeeser Kuween hayyoota dubartootaa Oromiyaan qabdu keessaa angafa. Kuween bara 1955 A.L. Atti Godina Qallam Wallaggaa, Magaalaa Dambi Doollootti dhalatte. Barumsa ishee sadarkaa tokkoffaafi lammaaffaa **achumatti** xumurte. Qorumsa biyyoolessaatiin qabxii olaanaa galmeessisuun Yunivarsiitii Finfinnee kan yeroo sana Yunivarsiitii Hayilesillaasee jedhamutti akaakuu barnoota Injiineringii barachuuf seente.

Osoo barachaa jirtuu bara 1974 A.L. Atti sababa warraaqsa biyyoolessaatiin Yunivarsiitiin akka cufamu taasifame. Abjuun Injiinara ta'uu ishees osoo hinmilkaa'in karaatti hafe. Booda, mootummaan Dargii duula barattoonni Yunivarsiitii Afaan Amaaraafi sirna mootichaa akka barsiisan duulchise keessatti hirmaatte. Kuween carraa hawaasa barsiisuu argattetti gargaaramuun dhimmoota eenyummaa, afaaniifi dantaa uummata Oromoon walqabatan barsiisuun ummata dadammaqsaa turte. Cunqursaa dubartootarra gahaa ture balaaleffachuu irrattis adda durummaan qabsaa'uu eegalte.

Piroofeeser Kuween barnoota isheen milkaa'uu baattus, booda dhaabbata 'Luuteraan Woorlid Federeeshin' jedhamu irraa leenjii gaazexeessummaa argatte. Leenjicha boodas, dhaabbaticha keessatti mindeeffamuun raadiyoo Sagalee Missiraachoo kutaa sagantaa Afaan Oromoorratti hojjachuu eegalte. Carraa argame kanattis fayyadamuun guddina Afaan Oromootiif gahee olaanaa taphatte.

Raadiyoon Sagalee Missiraachoos bara mootummaa Dargii Ministeera Beeksisaatiin waan **dhaalameef**, Piroofeeser Kuween rippoortara gaazexaa Bariisaa taatee ramadante. Gaazexaa bariisaa irrattis fuula waa'ee dubartootaafi Oromummaa ilaallatu qopheessuudhaan dubbistoota biraan ga'aa turte. Kuween bara 1974 A.L. Atti Jaal Leenoo Lataa waliin gaa`ela dhaabbatan. Ijoollee sadiis waliin horatan.

Haala kanaan osoo jirtuu, mootummaan yeroo sanaa, mormituu sirnichaa jechuun mana hidhaa akka seentu taasise. **Achittis**, dhimmoota qabsoo dubartootaa, hawaasummaafi Oromummaa barreessaa turte. Turtii waggaa kudhanii booda, hiikkamte. Akkuma hiikkamteenis, hojii gaazexeessummaatti deebi'uuf gaaffii dhiyeessitus, "Ati mormituu mootummaa waan taateef, bakka siif hinqabnu," jedhanii didan.

Hiikamtee ji'a torba booda, akka bineensaa halkan deemuun ijoolleeshee sadan fudhattee gara biyya Keeniyaatti baqatte. Achiis, deeggarsa dhaabbata Falmaa Mirga Dhala Namaa Idiladdunyaa irraa argatteen bara 1991tti gara biyya Kaanaadaatti imalte. Barnoota ishee biyyatti jalaa **hankaakes** milkeessuun gosa barnootaa Sooshaal Woorkee jedhamuun bara 1996 digirii jalqabaatiin Yunivarsiitii Yoorki irraa eebbifamte. Barnoota ishee itti fufuun bara 1997 Yunivarsiitii Toorontoo irraa digirii lammaffaatiin eebbifamte. Boodas, **yuunivarsiitii kanarraa** bara 2004 akaakuu barnootaa Falaasamaatiin digirii sadaffaan (PhD) eebbifamte.

Sana booda, yuunivarsiitiiwwan adda addaa keessatti akaakuu barnootaa Sooshaal Woorkii barsiiste. Cimina hojii isheetinis qorannoowwan hedduu dhimmoota afaaniifi aadaa Oromoo akkasumas, mirga dhala namaafi yaada ofii bilisa ta’anii ibsachuu jedhaman irratti xiyyeeffatu maxxansiiste. Qorannoowwan kanneenis konfiraansiwwan biyyoota akka Kanaadaa, Ameerikaa, Jarmaniifi Iswiidiniitti gaggeeffaman irratti dhiyeessaa turte. Hojiiwwan balaaleffannaa sanyummaa, kabaja mirga dhala namaafi yaada ofii walabaan ibsachuu hojjataa turteen badhaasa adda addaa argatteetti. Kanneen keessaa badhaasa dhaabbanni Falmaa Mirga Namoomaa Idiladdunyaa 1996 kenneef isa tokko.

Walumaagalatti, Kuween dubartii cimtuu fakkeenyummaa guddaa qabdudha. Hayyoota Oromoo biroo waliin Marsariitii Oromoo Idiladunyaa hundeessuu keessattis hirmaannaa olaanaa qabdi.

Gilgaala 6

A. Dubbisa asii olii dubbisaa gabatee keessatti odeeffannoo barbaachisu guuti.

Akaakuu barnootaa	Yunivarsiitii	Sadarkaa barnootaa	Bara
1. Injineriingii	Hayilesillaase	Digirii 1ffaa	1974
2.			
3. Sooshaal Workii		Digirii 2ffaa	
4.	Torontoo		

B. Gaaffilee armaan gadii odeeffannoo dubbisicharraa argatte ka'umsa taasifachuun deebisi.

1. Hojiiwwan Pirofeesar Kuween ittiin beekamte maal fa'i?
2. Keeyyata 6ffaa keessatti, gaaleen '....yunivarsiitii kana keessatti...' jedhu yunivarsiitii kam ibsa?
 - A. Yunivarsiitii Toroontoo
 - B. Yunivarsiitii Haayilesillaasee
 - C. Yunivarsiitii Yoorkii
3. Keeyyata 6ffaa keessatti jechi'....**hankaakes**.....' jedhu _____ ibsa.
 - A. barnoota
 - B. imala gara biyya hambaa
 - C. ga'ela
4. Keeyyata 4^{ffaa} keessatti, ... achumatti ... kan jedhu maal bakka bu'a?
 - A. Kuwee
 - B. Magaalaa Dambi Doolloo
 - C. Yunivarsiitii
5. Keeyyata 5^{ffaa} keessatti, ... achittis ... kan jedhu maal ibsa?
 - A. Dhaabbata Raadiyoo
 - B. Mana hidhaa
 - C. Luteeraan
6. Ati barnoota kee hanga sadarkaa kamiitti barachuu feeta?
7. Barnootaan sadarkaa barbaadde ga'uuf maaltu sirraa eegama ?

Barannoo 3: Fayyadama Jechootaa

Gilgaala 7

A. Jechoota waliin deeman walitti firoomsi.

- | 'A' | 'B' |
|-------------|----------------|
| 1. qeensa | a. dandamachuu |
| 2. ilkaan | b. filachuu |
| 3. rifeensa | c. qorachuu |
| 4. dhaqna | d. rigachuu |
| 5. dhibee | e. qabachuu |

B. Himoota armaan gadii keessatti jechoota jala sararamaniif hiika kan ta'u filadhuu barreessi.

1. Daa'imman yeroo taphatan hancufni fe'ee miidhaa akka irraan hingenye hordofuun barbaachisaadha.
A. ol ka'ee B. baate C. liqimse
2. Mootiin midhaan harreetti fe'ee gabaa deema.
A. yaabbatee B. harree gubbaa kaa'ee C. rukutaa
3. Firri wal yaade maddii walii dhungatu.
A. harka B. adda/fuula C. boqoo
4. Waan jibban maddii taa'uun nama cigaasisa.
A. cinaa B. bira C. 'A' fi 'B'
5. Maddi bishaanii akka hinfaalamne, bo'oo soquun lolaa irraa maqsuun barbaachisaadha.
A. qotuu (baasuu) B. gogsuun C. faaluun D. ilaaluun

6. Finfinnee keessatti bilbilaan malee miilaan deemanii soquun nama argachuun rakkisaadha.

A. figuun B. barbaaduun C. waamuu

Barannoo 4: Barreessuu

Gilgaala 8

A. Odeeffannoo armaan gadii hiriyyaa si cinaa taa'u/teessu gaafachaa seenaa dhuunfaa isaa/ishee keeyyata lamaan barreessi.

Maqaa guutuu_____

Maqaa abbaafi haadhaa_____

Bakkaafi bara dhalootaa_____

Baraafi mana barnootaa itti gale/galte_____

Hawwii gara fuulduraaf qabu/qabdu_____

Cimina addaa qabu/qabdu_____

Waan jaallatu/jaalattuufi jibbu/jibbitu_____

B. Keeyyata armaan gadii keessatti mallattoo qoodduu, tuqaa, gaaffii, tuqlameefi mallattoo raajeffannoo bakka barbaachisutti galchuun barreessi.

Dubartiin haadha obboleettiifi haadha warraa ofiiti Ga'een isheen guddina dinagdee biyya tokkoo keessatti qabdus olaanaadha Maatii walitti qabuu kunuunsuufi guddisuun kanneen muraasa Hojii dubartiin keessaa dhabamte hinjiru. Haata'u malee ga'een ishee guddaa ta'ee osoo jiruu akka bu'aa hinqabneetti ilaalamaa ture Garuu, "Maaliif akkas ta'e" gaaffiin jedhu deebii argachaa dhufeera Yeroo ammaa misoomni dubartootaan ala milkaa'uu akka hindanda'amne hubatamee akka baratan deeggarsi godhamaafii jira.

**C. Xalayaa armaan gadii dubbisuun bifuma kanaan unka gaditti
kennamerratti hiriyyaa keetiif xalayaa barreessi.**

Hagayya, 2013

Lookoo Guyyoo

Magaalaa Jimmaa

L.S. P . 043

Jimma

Jaatanii Guyyoo

Magaalaa Yaaballoo

L. S. P . 012

Yaaballoo

Jaalatamaa obboleessa koo Jaatanii, akkam jirta? Maatiin keenya hundi nagaa jiruu? Ani yaada keessan irraa kan hafe nagaa kooti.

Xalayaan ati naaf barreessite nagaheera.

Xalayaa kana siif barreessuuf kan na kakaase, yeroo ammaa kana qorumsa xumuree boqonnaaf gara maatii galuuf qophiirran jira. Haa ta'u malee, qarshii gahaa waanan harkaa hinqabneef yaaddoo natti ta'eera. Kanaaf, qarshii akka naaf ergan maatii keenyatti naaf himi . Egaa hanga qaamaan walagarrutti nagaa naaf ta'!

Obboleettii kee,

Lookoo Guyyoo

1 _____

2 _____

3 _____

4 _____

Barannoo 5: Caasluga

Antima Kallattiifi Alkallattii

Gilgaala 9. Fakkeenyaafi ibsa kenname irratti hundaa'uun himoota asii gadii keessaa antima kallattiifi alkallattii baasi.

Fakkeenya,

- *Badhaaneen fardaaf hokaa haame.*

Hima kana keessatti '**fardaaf**' kan jedhu antima alkallattii yommuu tahu, '**hokaa**' kan jedhu immoo antima kallattiidha.

- *Biiftuun Daraartuuf kitaaba ergiste.*

Hima kana keessatti '**kitaaba**' kan jedhu antima kallattii yommuu tahu, '**Darartuuf**' kan jedhu immoo antima alkallattiidha.

Yaadannoo

Antima kallattii kan jedhamu kan gochi tokko kallattiin irratti raawwatame kan agarsiisuudha.

Antimni alkallattii immoo, kan gochi tokko raawwatameef, maalif akka raawwatame, yookiin maalirraa akka raawwatameefi kkf agarsiisa.

1. Inni isheef kobbee ergise.
2. Barsiisaan barattootarraa abbaltii walitti qabe.
3. Mootiin huccuu obboleessaaf bite.
4. Hayyichi leenjii Adulootaaf kenne.
5. Caalaan Tolasaa laaqana affeere.
6. Margaan obboleessa isaatiif kophee bite.

Barannoo 6:

Afoola

Mammaaksa

Gilgaala 10

A. Ergaa mammaaksonni asii gadii qaban barreessuun ibsi.

1. Bishaaniifi haati hamtuu hinqabdu.
2. Biddeen waxii malee, manni dubartii malee hintolu.
3. Bakka giiftiin jette naa koobaa, jedhe gooftaan.

B. Mammaaksota dubartoota jajjabeessan shan kan beektu yookaan maatii kee gaafachuun barreessuun dareef dubbisi.

Jechibsoo

Abuyyaa: obboleessa haadhaa yookiin eessuma.

Ammeennaa: gocha yeroo ammaa raawwatu kan ibsu

Antima : Hima Afaan Oromoo keessatti kan gochi tokko irratti raawwatame yookiin raawwatameef agarsiisa. Antimni yeroo baay'ee gidduu himaarratti argama.

Antima kallattii: Hima Afaan Oromoo keessatti kan gochi tokko kallattiin irratti raawwatame

Antima alkallattii: Hima Afaan Oromoo keessatti kan gochi tokko raawwatameef, irraa raawwateefi kkf

Buusaa-Gonofaa: Jaarmiyaa walgargaarsaa harka-qalleeyyii dinagdeen of dandeessisuuf raawwatamu

Bushaayee: maqaa dimshaashaa re'oonniifi hoolonni ittiin waamaman

Dhangi'uu: kennuu ykn badhaasuu

Diqaalomsuu: sanyiiwwan akaakuu adda addaa walitti makuun sanyii akaakuu biraa argachuu

Dhibaayyuu: sirna waaqeffannaa Oromoo kan Waaqaaf galata ittiin dhiyeessan. Kutaa Oromiyaa birootti Irreecha jedhamee beekama.

Madiinummaa: Dandeettii qaamni uumamaan dhibee ofirraa ittisuuf qabu

Matima: Hima Afaan Oromoo keessatti kan gocha raawwate, yookiin kan waa'een isaa dubbatamu. Matimni yeroo baay'ee jalqaba himaarratti argama.

Uffata aadaa: akaakuuwwan uffataa kan aadaafi eenyummaa
saba tokkoo ibsuuf gareewwan hawaasaa
garagaraatiin uffataman